Gaa’elaa Fi Gaa’ela Diiguu

Jeffersonville, Indiana, USA
65-0221M

1 Amma yeroo xiqqoodhaaf mataa keenya gadi qabannee haa kadhannu.Hundumaa gararraatti kan jaallatamtu yaa Abbaa, ganama kana carraa galmakanatti argamnee taatee bara kanaatiin mormuu argachuu keenyaaf Sigalateeffanna. Nuyi garuu wanta guyyichi baatu hin beeknu, guyyicha kan baatugaruu in beekna. Kanaafis Inni har'a, borii fi baraa hamma bara baraa baateejiru har'a Maqaa Isaatiin akkuma walitti qabamnee jirutti, caalmaatti attamittiakka Isa taaailaa jiraannu akka barruuf akka nu eebbisuuf in kadhanna. YaaAbbaa, kun kana kan jennuu qalbii keenya guutuudhaani. Yaa Waaqayyo, nuyi garaakeenya in beekna, kun dhugaa akka ta'e in beekna. Ofii keenya dabarinee sittilaanna, guyyaa tajaajila hafees dabarsinee Sitti laanna, Maqaa YesusKristosiin. Ameen.

Taa'aa.

[Obboleessi keenya Branhaam waltajjii irraa nama ta'e tokkottihaasa'aa jira.] Galatoomaa. Inni kan biraan kunoo as jira.

2 Nagaa bultanii, hirmaattonni mul'ataa jirtan, kanneen mul'achaahin jirre warri guutummaa biyyaatti tamsaasa asii darbu irratti walittiqabamtanii jirtan. Ganama kana as dhufee mata duree guddaaa fi murteessuuaakana irratti dubbachuun anaaf carraa guddaa dha. Hirmaattota warra asjirtaniif, egaa xiqqoo waan namatti hin tolle wayii ti, sababiin isaa fuula koodura golgaatu jira, kanaaf gara mirgaa fi gara bitaatti dubbachuutu narrajiraata. Hirmaattota warra natti mul'achaa hin jirreef, gara harka koomirgaatiin galmatu jira, gara hrka koo bitaatiin immoo mana jiminaaziyeemiitujira, an immoo golgaa bitaa fi mirgatti kutaa manichaa addaan kute duran jira.Ganama kana galmas ta'e kutaa jiminaaziyeemii namoonni guutanii irradhangala'aniiru, akkasumas goda waldaa kan Saddeettaaffaa fi Peen Istiriitiittiargamuttis namoonni guutanii irraa hafaniiru. Iddoowwan manni guutee namoonniirraa hafanitti sararri bilbilaa diriirfamaa jira.

3 Yeroo guddaaf dinqisiisaa Gooftaa wajjin qabaannee turre,akkasumas tajaajila ganama kanaa si'oomina guddaa jala gallee eeggachaa turre.Galagalli guyyaa har'aa immoo yeroo duula guyyaa afuriif adeemsisaa turre ittigoolabnu waan ta'eef, namoonni dhufuu dandeessan akka argamatiifafeeramtaniittu. Gooftaan galgala kana waan addaa gochuudhaan akkuma kanaanduraa akkaataa hin amaleeffatamneen akkauma kanaan dura gochaa ture warra dhukkubsatanfayyisuudhaan dinqii guddaa akka godhu in amanna. Galgala kanas si'oominaanguddaadhaan Isa in eegganna. Hawaasni hunduu kabajaa fi jaalala guddaadhaanafeeramtaniittu, hundumtuu, waldaan damee amantii hundumtuu afeeramtaniittu.Kristaana warri hin ta'in iyyuu kottaa; dhugaadha nuyi cubbamoonni akka olseenanii nuu gidduu taa'aniif waamaa jirra. Karaa Gooftaa isa ittiin jiraannuakka gaariitti isaan barsiisuuf in dhamaana.

Amma egaa hirmaattonni as jirtan hin rifattan jedheen abdadha.Anis akkan hin rifanneef Waaqayyoon nan amanandha, halkan guddaa fidinqiisiisaa keessa waanan tureef baay'eetu calalalmee jira, wantin ganama kanadubbadhu guyyaa firdiitti na dura akka dhaabtu nan beeka. Kanaafis rafuu hindandeenyen ture. Waan dubbatamuuf malu utuun hin dubbatin yoon hafesguyyichatti sagalewwan sun na dura akka dhaabatn nan beeka. Kanaafis hammaibsamuu hin dandeenye gararraatti ulfaataa dha.

4 Egaa amma, ganama kana Mata Duraa guddaa, “Gaa'ela Dhaabuu fi WalHiikuu” jedhu irratti mari'anna. Sababiin ani Barumsa Mucoolii (Sunday School)irratti barsiisuuf filadheef, yeroo dheeraa fudhannee irratti dudubbachuu akkadandeenyuuf yaadeeni. Iddoo kuticha irratti lallabbuu, Caaffata Qulqullulaa'aairraa fudhannee bifa barsiisaatiin walii wajjin ilaalla.

Kana jechuun barbaada, innis tajaajilaan yookis tajaajiltoonniiddoo kamuu jirtan, teeppii kana gadi dhiifna yoo ta'e harka tokkoon tokkookeessanii qaqqabuun isaa dirqama. Waa'ee isaa waldaan maal akka gootu an hinbeeku. Obbolessi keenya Fred teeppii kana utuu gadi hin lakkisin dura koreewaldaa akka quunnamuu qabun gaafadha. Isin namoonni guutummaa biyyaa keessaabarsiisa kana teessanii waraabaa jirtanis, adaraa yoo Obboleessa keenya Sotmaanirraa waa'ee isaa dhageessan malee teeppii kana bakkeetti hin baasinaa.

Amma, yoo akka gadi dhiifamu taasifames, obboloonni koo warritajaajilaa taatan kamuu, yookiis Kristaanni kamuu kan iddoo fedhe jirtan warriwantan waa'ee mata duree kanaa irratti dubbadhu irratti warri walii hin galle,isa hin qeeqxan jedheen isin amana. Akkaataan itti barsiiseen isa hubachuu hindandeessan yoo ta'e, ba'eessa, kana gochuuf akka tajaajilaa tokkotti, akkatiksituu tokkoottis mirga qabdu, anis immoo wanta isin amanatan kamuu nankabaja.

5 Egaa kana irratti mana barumsaa gurguddaa lamatu jiru.Gaaffilameen lama yoo jiraatan, isaan keessaa tokko sirrii ta'uu qaba yookiislamaanii keessaa tokko iyyuu sirrii miti. Kanaafis dhimma kana lafa qabsiisuufganama kana gara Dubbii Sagalee Waaqayyoo ilaaluu yaalla. Anaaf, gaaffichigaaffii Macaafa Qulqulluu yoo ta'e, Macaafni Qulqulluun gaaffichaaf deebiidhugaa in qabaata.

Egaa amma, kanneen kana utuu hin qabaatin dura…utuu mata dureekana hin jalqabin dura, jechuun, Sagalicha irratti utuun hin kadhatin dura,waan tokkon isinitti ibsachuu barbaada-keessumaa immoo

Kristaanotatti waanfedha garaa kootiin isinitti himachuu barbaada, innis ganama kana akka naafkadhattanin barbaada. Hirmaattonni warri as ija keenya dura hin jirre, warribakka biraatii nu dhaggeeffachaa jirtanis naaf kadhadhaa, sababiin isaa namaamanamaa fi nama dhugaa dubbatu ta'uun barbaada waan ta'eef.

6 Egaa, dimshaasha hima yaadaa kanneeniin, namoonni, nama tokkittiiyyuu haa ta'u malee, xumura irratti akka waan du'aa f jireenya gidduuttijiruutti isatti in rarra'a. Namoonni baay'ee amantanii in galtu. Eeyyee, akkumakana immoo baay'een keessan utuu hin amanin in galtu. Garuu nan beeka,tajaajila koo keessatti, namoonni ana dhaggeeffachuu dhufan, namoonni wantadubbachuuf of harkaa qabu dhaggeeffachuu dhufan jiru. …irraa, ba'eessa, isaanganama kana as nu gidduu taa'anii jiru, kutaalee addunyaa irraa; kutaaYuunaayitid Isteetii baay'ee irraa, Kanaadaa fi galaana gamaa kan dhufan nugidduu jiru. Xumura deemsa nama bara baraan jiraatuu harka keessan keessajiraachuu isaa beekuuf, calalatuu inni keessa isin buusu yaadaan bira ga'uudadeessu, sababiin isaa, inni wanta isin dubbattan qabatee hafe waan ta'eef.Kanaafis Waaqayyo isa kanaaf na gaafata waan ta'eef, gar malee gad of deebiseegaraa cabaadhaan isa kanatti dhi'aachuun barbaada.

7 Egaa amma, obboleettiwwan koon kanan jechuu barbaadu, dubbii kookeessatti jechoota isaan duratti dubbachuun narra ture tokko tokko jijjiireera. Wantoota hirmaattota walitti makamaniijiranitti dubbachuun hin barbaachine kanneen tarii barsiisa keessatti dubbachuunana irra hin jiraanne Biiliin ganama kana boorsaa isaa keessaa waan qabuuf,isin warri obboleettiwwanii isa harkaa fudhaa, maaliff jennaan dirqama hubachuuqabdu waan ta'eef. Hamman beekuutti baay'ee baay'ee gaarii waan ta'eef,obboleessan keessan harkaa fudhaa. Dokeera bira yoo dhaqxan, inni biirooisaatti soda fi saalfii malee isinitti isinitti dubbachuu qaba. Isin ijoolleendurbaa warri shamarranii fi ijoolleen dhiiraa warri dardaroonni miira sirriihin taa'in irra hin buunen barbaada; callistanii ta'uudhaan akka amantaninbarbaada. Yaadadhaa, dhugaan dhugaa ta'ee himamuu qaba.

Egaa amma, waan dubbatamuuf jiru kanaan baay'een keessan akkawalii hin galle shakkiin hin jiru, garuu Macafaa Qulqulluutiin isiniifmirkaneessuun barbaada. Yoo gadi of deebisudhaan dhaggeeffattan garuu,wantootan waqaraa as ga'e hundumaaf hubannaa fi yaad rime caalmaa in qabaattu.Kun isa in ibsa jedheen amana. Inni in ibsa jedheen amana.

8 Egaa, tarii xiqqoo dheeressuun keenya hin oolu, sa'aatii tokkoo fiwalakkaa yookiis isaa ol turuu dandeenya ta'a. Yeroo hammamii akka nuttifudhatu an hin beeku.

Ammas irran deebi'aa, namoonni dubbii keessanitti qabamanii akkajiraatan akkan beeku dubbachuun barbaada; isaan paasterii isaanii in dhaga'u.Egaa, eeyyee ani paasteriin ture.

Namoonni dubbii paasterii isaanii akka du'aa fi jireenya gidduuujiruutti fudhatanii itti jiraatu. Isaan akka waan du'aa fi jireenya gidduujiruutti dubbii luba isaanii fudhatanii ittiin jiraatu. Eeyyee dhugaa dha,paasteriin tarii hamma beekutti waan beeku hundumaa in godha, inni saba isaautuu irraa hin maqin akkaataadhuma seminariitti baratetti barsiisaa jira;amantii garaa garaa keessatti immoo lubni akka jiru shakkiin hin qabnu. Eeyyeedhugaadha, lubni tiksituu (paasterii) dha; inni qajeelchistuu dha. Kanaafuu, lubnitokko yoo seminarii isaa keessatti, gadaamii isaa keessatti barate, waan baratesana hundumaa garaa qajeelaadhaan, waan barate sana hundumaa in barsiisaa…

Ba'eessa egaa, an muuxannoo seminariis ta'e muuxannoo gadaamii hinqabu. An waanan isaaniin mormu tokko illee hin qabu, garuu an jireenya namairraa adda ta'en qaba.

9 An yeroon mucaa xinnaa turettin waamame. Kana keessatti milikkitaijaan mul'atu, milikkita sagaleetu naaf kenname; yeroo umuriin koo waggaatorbaa asuma Utikaa Piikeetti Utubaan Ibiddaa huuxxii qoraattii keessaan nattimul'ate. Abbaan koo obbo O.H. Wiizeriif hojjeta ture, inni dhi'eenya kana du'e.Kitaabicha dubbiftaniittu; seenicha isinuu beektu. Yeroo sana irraa jalqabee…Sanabooda dachaa lagaatti, inni saba duratti mul'ate, ammas immoo…Suuraan Isaayeroo baay'ee kaafameera, inni Waashiingiteen D. Ctti fannifamee jira, InniUumama waaqarraa suuraan kaafamee saayinsiidhaan mirkaneeffame isa tokkichajedhamee eyyamni mirga maxxansaa kennameefii Reliigiyes Haal of Aart (ReligiousHall of Art) keessa kaa'amee jira; Inni karaa hundumaan dhibbaa dhibbattiUtubaa Ibiddaa isuma saba Israa'eliin biyya Gibxii keessaa baase kan fakkaatudha. Inni Yesus Kristos bifa Hafuuraatiin, bifa Ilmummaa Waaqayyootiin jiru dhajedheen amana.

Sababiin isaa, Inni yeroo jalqaba dhufe Ilma namaa jedhame, ammaimmoo Ilma Waaqayyoo jedhama, Barkumee keessatti immoo Inni Ilma Daawitjedhamuuf jira. inni akkuma waa'een Isaa dubbatametti Ilma namaa, raajii ta'eedhufe; amma Inni Ilma Waaqayyoo ti, Waaqayyo hudaa olii (Supernatural) ti; Barkumeeguddicha isa dhufuuf jiru sana keessatti Inni Ilma Daawit ta'ee teessoo Daawitirra in taa'a. Akkuma dubbistoonni Macaafa Qulqulluu hunduu beekan, abdiinkakuu Hoodaa Waaqayyo Daawitiin abdachiise, Inni Ilma isaa kaaseefii teessooisaa irra akka teessisu dha.

10 Egaa amma waan adda ta'e, tajaajila warra kaan irra adda ta'e kanakeessatti, waan “Waaqayyo” irraa ta'e hundumaatti an, “seexana” jedhameewaamamaa tureera. Inni… yeroo hundumaa akkasuma in

ta'a ta'aas tureera.

Inni kun egaa waan angafni bishooppii waldaa Kaatolikii dachaasana, iddoo mariin geggeeffamaa turetti naan jedhe ture, inni, “Obboleessa kooBranhaam, Yohannis Cuuphaan akkuma Caffata keessatti Isaayaasiin dubbatamettiofii isaa addaan baasee mul'ise” jedhe. Inni, “Tajaajilli kee waldaa keessattisirriitti addaan baafamee mirkanaa'eera” jedhe. Inni, “Warri Luuteraan MacaafaQulqulluu keessa jiru” jedhe. Inni, “Warri Luuteranii Luuteriin in beeku, warrikan Weslii Weslii in beeku, garuu waa'een warra Pheenxeqoostaalii hoo attami?”jedhe. “Isaan asii fi achi in jooru, eessa akka dhaqan hin beekan” jedhe. An immoo, “Obbo, an isasana nan dinqifadha”n jedhe.

Yeroon sun yeroo Hafuurri Qulqulluun giiftii (lady) sana irra bu'edha, isheen takkaa ana argitee hin beektu-haadha manaa isaa ti. Isheen waanumakana addaan baaftee dubbatte.

Egaa amma, amanamummaanan dubbadhaa, Ergaan ganama kana dubbachuufjiruun dura, waanan beeku tokko illee hin qabu. Akkas jedheen isatti hime,“Obbo, kana jechuu hin danda'u. Inni wanta dubbachuuf baay'ee ulfaataa ta'edha. Inni waan guddaa ulfaataa wayii fakkaata.”

Wanti tokkichi an beeka ture yoo jiraate, wanti ta'e tokko akkasirriitti raawwatame duwwaa dha. Wantoonni kun hunduu addunyaa naanneffamee,addunyaa naanneffamee irra deddeebi'amee mala saayinsiitiin mirkaneeffameera.Inni calliseetuma oduu durii ta'uu hin danda'u. Inni Waan Dhugaa ta'e dha. Innimaali? Mee utuun ganama kana isinitti hin dubbatin dura utuun irraan hinhambisin isinittan hima, an hin beeku. Yeroo darban keessattis wantootakanneenis utuu Inni natti hin dubbatin dubbachuuf an takkaa ija hin jabaanne.

11 Yaadadhaa, Gooftaan keenya Yesus Kristos raawwatee Ilma Waaqayyooakka ta'etti Ofii Isaa adda hin baafne. Inni, “Akka Ani Mootii ta'e ta'e atiiyyuu in jetta, dhuma irratti kana ta'uufan dhaladhe,” fi kana kan fakkaatandubbate, garuu Inni raawwatee Ilma Waaqayyoo akka ta'etti addaan Of hin baafne.

Egaa Inni Utubaa Ibiddaa isa ijoollee Israa'el geggeesse dha, InniYesus Kristos bifa Hafuuraatiin ture dha. Isa kana in amantuu? Sagalee (Logos)isa Waaqayyo keessaa ba'e dha. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.]

Inni yeroo lafarra turetti, “An Waaqayyo irraan dhufe, garaWaaqayyoo Nan deemas” jedhe. Hundumti keenya kana in beekna.

Du'uu, awwaalamuu fi du'aa ka'uu isaa booda Saa'ol Kristaanotaari'achuudhaaf adeemee Damaasqootti in dhi'aate, sababiin isaa isaan waan isaankanaan dura barataniin kan wal faallesu barsiisu waan ta'eef. Inni loltuu jabaaGamaalil'eel jalatti guddate ture, Gamaali'eel kun bariisota adda duree manabarumsaa isaanii, gadaamii isaanii kan turee fi nama guddaa akkasumas ajajaaloltuu waldaa ture. Achitti egaa Ifti Guddaan, Utubaan Ibiddaa lammata bu'eewalakkeessa guyyaatti kan isa rukute. Inni lafa dha'ees Sagalee, “Saa'ol,Saa'ol, maaliif Na ari'attaa?” jedhu in dhaga'e.

12 Egaa in yaadattu yoo ta'e, Phaawuos, Saa'ol yummuu ol ka'etti,“Eenyu Ati yaa Gooftaa?” jedhe. Egaa amma, gurbaan sun Yihudii waan ta'eefwanta Waaqayyoon bakka bu'u irraan kan hafe raawwatee, “Gooftaa” jedhee waamuuhin danda'u. Kanaafuu, Inni Utubaa Ibiddaa isuma sana ture.

Akkuma Yesus, “An gara Abbaan dhaqa…An Waaqayyo irraan dhufe, garaWaaqayyottis Nan deebi'a” jedhe.

Achitti ergaa Inni bifaUtubaa Ibiddaatti in deebi'e; Inn, “Ana, Yesus, kan ati ari'attu: shukkaaqaramee dhaabatu dhiituun sitti cima” isaan jedhe.

Ergamaan Phexros, isa waldaa akka ijaaruuf furtuun itti kennamesin beekana, inni mana hidhaa keessa akka ture in beekna, Utubaan Ibiddaainnumti kun danqaraa keessaan dhufee balbala mana hidhaa bane akkaataa dhoksaanisaa hin beekamneen utuu eegdota mana hidhaa illee hin jeeqin Phexirosiinfuudhee ba'e. Anaaf, Inni Yesus Kristosi, kaleessa isa ture, har'as barabaraanis isuma sana.

Yoos egaa yeroo hundumaa waan hundumaa akkataa uumama isaatiin inbartu. Wanti hundinuu akkaataa uumama isaatiin, ija inni of irratti baatuun inbeekama. Isinis gosa firii inni baatuu ilaaltanii akka hubattanin isinkadhadha, Ifti kun Waaqayyoo dha, sababiin isaa Inni yeroo hundumaa garaSagalee Waaqayyootti duuba in deebi'a, Sagalee Waaqayyoo in mirkaneessa,Sagalee Waaqayyoo in lallaba, Waaqayyos Sagalicha qabatamaatti ija keessanduratti in mirkaneessa. Wanti dudduuba Isaa jiru tokko jiraachuu qaba.

13 Namoonni raajii dha naan jedhu. Garuu an raajiidha ofiin hin jedhu,sababiinsaa kana jechuuf ija jabina hin qabu, garuu immoo kana jechuu nandanda'a, innis Gooftaan wantoota ta'uuf jiran dursee akkan argu nan godheera,wantoota ta'anii darban, wantoota ta'aa jiranii fi wantoota ta'uuf jiran akkanhimu na godheera; wantootni yeroo kumaatama kudhanii oliif dubbatamaa turantokko illee utuu hin raawwatamin hin hafne. Wanti Inni dubbate kamuu inraawwatama, raawwatameera. Kana hundumti keenya in beekna.

Namoota ganama kanaas jirtan keessaa namni yeroo tokko utuu hin raawwatamin hafeera jedhu yoojiraate, birmadummaadhaan lafaa ol ka'ee dubbachuu ni danda'a. Garuu namniyeroo hundumaatti, yeroo kumaatamaan lakkaa'amutti, inni dhibbaa dhibbattisirrii ture jettan, “Ameen” jedhaa. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Hubattanii? Guutummaabiyya lafaatti waanuma kana in ta'a.

Amma wanti ta'e tokko ta'uuf jedha. Duuba isaatii dhimma utuu hinqabaatin Waaqayyo wantoota kanneen raawwatee hin ergu.

14 As taa'een yaadaa ture (yaadicha yaadannoo koo irratti barreesseenof hrkaa qaba), innis ganama kana baay'ee dadhabaan jira. Waa'ee qulfii(cufflinkis)… Waa'ee taatoo fiilmii urjii Jaanee Ruusel baay'een keessandhageessaniittu, haati ishee Phexeqoostaalii dha; Daanii Henerii immoo durbiiishee ti, inni durbii ishee angafa, mucaa obboleettii haadha ishee ti. InniBaaptistii ture. Inni wal ga'ii amantootaa warra Biizinees Meenii Loosaangeles,Kaalifoorniyaatti waggaa lama dura godhame irratti argamee duuba dhaabbachaature.

An dibata guddaa keessa galeen jechoota gurguddoo humnaanguutameen dubbachaa jiran ture; ilaaltuun (overseer) sun illee, ilaaltuwwanwalii gala Assembiliis of Goodii keessaa tokko namni ta'e, ol gubbaa waltajjiiddoo taa'aa jiru irraa gadi bu'ee, “Obboleessi keenya Branhaam kana jedhajedhee an an hin amanu” jedhe.

An immoo, “Obbo, kana garaa koo irraa fudhee jedheera. Inni ISAGOOFTAAN DUBBATE dha” jedheen deebiseef. Yeroo sanatti…Innis waa'ee waldaa barakanaa ture.

15 Yeroo kanatti egaa dargaggeessi biizinesmeenii (obboleessi isaaachitti…) sun qophii teelevizhiiniitiif ganama sana suuraa kaasaa ture,obboleessi isaa suuppervaazera daadii Kaalifoorniyaa ti. Wal ga'ichi ergaxumuramee booda Daanii Heneriin gara fuul duraatti as ba'e, waltajjii akka kanaatti ol ba'ee, utuu namoonni hunduutaa'aa jiranii as ba'ee harka isaa natti baree na haammatee jechoota kanneen dubbate:“Obboleessa koo Branhaam, kun iddoo qulqulla'aa ulfina kan dhuwwatu(sacrilegious) miti jedheen abadadha, garuu,” jedhee, “Kun Mul'ata boqonnaa23ffaa ta'uu kan danda'u dha” jedhe.Kana jechuun, Mul'tni boqonnaa digdamii lama qofaa qaba. “Kun mana qulqullummaadiiguu miti jedheen abdadha” jedhe. Inni kana caalaa hin dubbanne. Egaa amma,gurbaan kun Baaptistii kan turee fi waa'ee dinqii waaqarraa ta'uu(supernatural) waan tokko iyyuu hin beeku ture. Akkuma harka isaa anarra kaa'eejirutti afaan hin beekamneen dubbachuu eegale.

Afaan hin beekamneen utuma inni dubbachaa jiruu, dubartiin bifamagaalaa furdoon tokko fuula koo dura teessi turte, isheen ol kaatee, “Hiikkaakan biraa tokko iyyuu hin barbaachisu” jette. Isheen, “An Shirevepoort,Loosiyaanaa-yookiis Baaton Roogee irraan dhufe” jette. Isheen, “Afaanichidhugaadhumatti Faransaayiffa” jette.

Vikter Lii Dooksi, namichi Faransaayi tokko kan achi tures,“Dhugaa dha, ana nama Faransaayii ti, afaanichi dhuguma afaan Faransaayii ti”jedhe.

An immoo, “Xiqqoo turaa mee. Waan tokko illee dubbachuun dura, ati waan inni jedhe barreessi, atis waan inni jedhe barreessi. Waaninni jedhe barreessaa, nuyis yaadannoo barreessitan in ilaallaa” jedheen ittihime. Kanaafis inni tokko dubbicha in barreesse, inni kaanis akkasuma inbarreesse, sirni tuqaalee isaan fayyadaman illee kan wal fakkaatu ture.

Yeroo isaan yaadannoo barreessan sana ol fidanitti gurbaan bifamidhaagaa, dargaggeessi rifeensi mataa bifa dhiilgee qabu karaa dubbaatii asdeemaa dhufe. Namni guutee iddoon taa'umsaa waan dhibeef, inni duuba dhaabbateesaganticha hordofaa ture. Inni gara fuul duraatti as adeemaa, “Turaa mee, anisyaadannoon barreessen isinitti kennuu barbaadee” jedhe. Inni, “An DhaabbataMootummoota Wal Ta'aniitti, hiiktuu afaan Faransaayii ti” jedhe.

16 Egaa, kunoo yaadannoon barreeffame sadanuu afaan Faransaayiinyummuu ta'u, sadanuu waanuma tokkicha dubbata. Innis akka armaan gadiitti kandubbifamu kana ta'a. Kun barreeffamayaadannoo isa jalqabaa (Original note) ti. Inni kun yaadannoo Daaniin ofiiisaatii barreesse dha. Inni boorsaa isaa keessatti kaa'ee jira. Eeyyee egaa,inni Kristiyaan Biizinees Meenii fi warra kana fakkaatan bira geeffameera.

Daandiiisa dhiphaa sababa fo'atteef, karichi ulfaataa dha; ati filannoo keetiin ittiseente.

Ati murtee sirrii fi qajeelaa fudhatte,karichis Karaa Koo ti.

Sababa murtoo baay'ee barbaachisaa ta'ekana fudhatteef, ga'ee guddaan Waaqarraa si in eega.

Maal murtoon ulfina qabeessi atimurteessite kun!

Kun ofii isaatii jaalala Hoodaa guddaakan kennee raawwachisuuf ka jiru dha.

Egaa amma, namichi maqaa isaatiin yaadannoo kana irratti kunooakkas jedhee mallatteesseera,

“Himni barreeffama armaan olii kan hiikame,raajii Daanii Henerii Obboleessa keenya Branhaam irratti dubbate yummuu ta'u,raga namoota sadiitiin mirkaneeffamee kaafteeriyaa Loos Aangeles,Kaalifoorniyaa keessatti argamu keessatti kenname.”

17 Egaa namumti utuu waan dubbachaa jiru utuu hin beekin ergaa raajiikana kenne kun, naannoo ji'a tokkoo dura Yerusaalemiin deemee ture. Inni carraaba'ee iddoo awwaala Yesus ilaaluu argatee, awwaala Yesus du'ee keessaattiawwaalame keessa carraa ciisuu argatee ture. Yummuu awwaalicha keessa ciisaaturettis, waa'een koo haala jabaa ta'een yaada isaa keessa dhufnaan boo'uu akkajalqabe natti hime. Inni, “Biyyaa lafaa, wantoota kanneenii fi waldootahundumaa irratti ka'uun Obboleessa keenya Branhaamitti attam cimaa ture!”jedhe.

Akkuma isa yeroo tokko garee Biilii Grahaam keessa inni tokkojedhee turee ti, inni, “Nuyi Biilii Grahaamiin arguu dandeenya, sababiin isaawaldaaleen hunduu isaaf walitti qabamanii tokko ta'aniiru; nuyi Oraal Roobertisin argina; warra Pheenteqoostaaliis; garuu nuyi attamittiin Wanta namoonnibarsiifamaa turanittii faallaa ta'e fudhanna?” jedhe. Inni Waaqayyo dha.

Egaa, wanta Daaniin gochuu jaallate tokkotu ture, inni dhagootaxixinnoo boce. Inni iddoo fannoonkaa'ame, dhagaa iddoo fannoon achi keessa kaa'ame jedhaniin deeme. Namni isabira waan hin jirreef akka ciraatti (milikkitaatti) dhagicha irraa foxxoqseefuudhee galee, qulfii wayyaa irraa naaf tolche. Akka keessummaa wayii, yummuuinni qulfiwwan sana hojjetutti, isaan waan dhiiga calale wayii ta'aa dhufan,tokkoon tokkoon isaanii keessa walitti fufiinsaan karaan dhiphoon hidda dhiigaafakkaatu lamaan isaanii keessa marsee jira. Egaa inni tarii…Hubadhaa, namni kanbiraan tarii kana hin hubatu, anaaf garuu inni guuchisoo (complimentary)wantootan itti amanuu ti. Wantoonni hunduu hiika isattii qabu jedheen amana.

18 Egaa amma, yeroo kanatti, wanti Gooftaan…kun wanta Inni Miilkiyaasboqonnaa 4 keessatti, Luqaas 17 keessaattii fi Caffatoota kan biroo keessattiraajii dubbatee miti yoo ta'e wanti yeroo ammaa kana ta'aa jiru kun-Mee xumurairratti kana nan jedha-Yeroo Inni dhufuuf hundeen namaaf kaa'ameera. Kanaafuu,Waaqayyo Hundadandaaf galata guutuun qaba, yoo in ta'a ta'e, haala nama hinbaranne ta'uu kootii kanaan waan xiqqoo tokko hojjechuun barbaada, isaanisdinqisiifannaa Jaalala Inni naaf qabuuf, jaalal an Isaaf qabuu fi jaalala nuyinamootaaf qabnu nan agarsiisa.

Kanaafuu gad of deebisuu fi yaada cabaadhaan, mata duree Gaa'ela Dhaabuu fi Wal Hiikuu kanattindhi'aachuu barbaada. Waaqayyo araara hunduma keenyaaf haa godhu.

Egaa amma itti dhi'aadhaatii dhaggeeffadhaa. Warriobboleettiwwanii, kaatanaii baatanii hin deeminaa; yeroo murtaa'eef callisaatiitaa'aa.Obboloonni dhiiraas akkasuma godhaa. Waari tamsaasni keenya isinqaqqabaa jirus meeshaa ittiin dhaggeeffachaa jirtan hin cufinaa. Kana hingodhinaa. Hamma xumurumutti of qabaatii taa'aa. Itti dhi'aadhaatiidhaggeeffadhaa. Yoo itti walii galuu dhaabaattan, Caffatootan itti gargaaramubarreeffadhaatii, murteessuu keessaniin dura irratti kadhachuudhaan qoradhaa.

Yaa Waaqayyo, mataduree kanatti akkuma dhi'aachaa jirru, nu gargaari.

19 Egaa amma, tarii xiqqoo dheerachuu danda'a. Ariifannaa kam illeekeessa akka taatan, an hin barbaadu. Hundumti keenya yeroo keenya ittifudhannee Sagalee Waaqayyoo akkaataa dhugaa ta'ee fi gadi fageenya ta'een haaqo'annu, attamitti akka Isa qo'atan in beekna waan ta'eef.

Mee Qulqulluu Maatewos boqonnaa 19ffaa irraa haa jalqabnu.Jalqabatti boqonnaa 19ffaa lakkoofsa 8ffaa irraa utuun jalqabe nan fedhan ture.Tarii lakkoofsa 1ffaa irraa ka'ee lakkoofsa 19ffaatti nan dubbisan ta'a.

Egaa amma, yaadadhaa, wantoonni an dubbadhu kunneen dirqamaSagalee Waaqayyoo irraa dhufuu qabu. Inni yaada dhuunfaa kootii ta'uu hindanda'u, sababiin isaa yaadni dhuunfaa kootii akkuma kan nama kamii waanta'eef. Garuu Sagalee Waaqayyoo wajjin walitti fufiinsa qabaachuutu irra jira.Yaadadhaa, Waaqayyo wanta hundinuu walitti fufiinsa (continuity) keessatti ineega. Inni hin geeddaru. Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isumasana. Isa kana in amantuu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Inni isuma sana.

Amma boqonnaa 19ffaa irraa nan dubbisa.

Yesus dubbii kana hundumaa dubbatee ergaraawwatee, Galiilaadhaa ka'ee gara kutaa biyya Yihudaa isa laga Yordaanos gamaadhaqe.

Tuutni sonaan baay'een isa duukaa inbu'e, inni immoo warra dhukkubsatan in fayyise.

Yummus warri fariisotaa gara isaadhufanii isa qoruudhaaf…

Eenyu akka Isa qoraa jiru akka sirriittiqabattaniif, addanatti yeroo xiqqoof dhaabuun barbaada.

… “Namni tokko sababiidhuma halleenhaadha manaa isaa baasuun seeraa? Jedhanii gaafatan.

Inni garuu deebisee, “Waaqayyo innijalqabatti isaan uume 'Dhiiraa fi dubartii akka uume hin dubbfnee ree?” jedhe.

Itti dabalees, “Sababii kanaaf dhiirriabbaa isaa fi haadha isaa in dhiisa haadha manaa isaatti in maxxana; isaanlachanuus foon tokko in ta'u.

Egaa isaan lama miti, foon tokko malee;kanaafis waan Waaqayyo walitti qabsiise, namni gargar hin baasin“ jedhe.

Fariisobbi immoo, “Yoos Museen, 'Caaffatittiin ishee baasu kenneefii haa baasu' jedhee maaliif abboome ree?” jedhaniiYesusin gaafatan.

Yesusdeebisee, “Museen sababii mata-jabina keessaniitiif haadha manaa keessan akkabaaftaniif karaa isiniif bane malee, jalqabatti akkas hin turre” isaaniinjedhe.

Amma, Waaqayyo nu gargaari.

20 Kutaan Caaffataa kun, gaaffiin kun, jalqabuma tajaajila Isaairratti Yesusin mudate. Musees jalqabuma tajaajila isaa irratti isa mudate.Inni gaaffii barbaachisaa laphee amanaa keessa jiraatu dha. Yakkamtoonni dhimmawaan kanaa hin qaban. Garuu gaaffichi kan amantootaa ti, sababiin isaa, amanaantokko Waaqayyo duratti waan qajeelaa ta'e attamitti hojjechaa akka jiraachuuqabu baruu yaala waan ta'eef. Kanaafuu, gaaffiin dhimma amantii irratti ka'ukamuu yoo dhufe, gaaffii waa'ee Gaa'elaaijaaruu fi Gaa'ela Diiguu tu ka'a. Maaliif? Sababiin isaa cubbuujalqabaatiif sababni isa waan ta'eefi. Inni iddoo cubbuun itti jalqabe dha.Sababa kanaafis inni yeroo hundumaa gaaffii ta'ee kaafama, sababiin isaa innicubbuu jalqatti raawwatame dha.

Egaa wantoota kanneen hundumaa ibsuuf yeroo hin qabu, garuuxalayaa keessan yookiis wantan danda'u kamuu isniif deebisuu kootti nangammada, yookiis kitaaba dhimma kana irratti barreeffamee fi gaaffiwwanbaay'ee, akkasumas kana mirkaneessuuf gaazexaa irraa cite kan ba'e barreeffamabaay'ee qabna. Hewaan akka…in beekan. Isheen aappilii (apple) nyaatte jedhama(kun Caaffa Qulqulla'aa irra waan hin jirre dha), isaan amma immoo wanti isheennyaatte aaprikootii (apricot) dha jechaa jiru. Wanti isheen nyaatte wantoota kanalamaan keessaa tokko iyyuu miti. Isheen ejja raawwatte, ejjuun ishees ilmaishee isa angafaa, Qaayin, ilmi Seexanaa akka dhaltu godhe, inni hammina isakeessa in kaa'e. Inni karaa Abel hin dhufne. Ilmi Seexanaa Qaayini.

21 Egaa amma gaaffiin keessan maal akka ta'e nan beeka, innis,“Hewaan, 'An Gooftaa biraa nama tokko argadheera' jette” isa jedhu dha. Sundhugaadhumatti sirrii dha.

Dubartii magaalaa keessatti gadhummaadhaan qixxee hin qabnefudhaa, dhiiraa gadhee qixxee hin qabne; isaan utuu daa'ima godhatanii,daa'imni sun Gooftaa biraa dhufa, sababiin isaa Waaqayyo seerota lafa kaa'eeqaba waan ta'eef. Seeronni kunneenis, akkuma isa aduun baatuu ti; ooyiruugaarii keessa iddii yoo facaaftan inni in marga. Inni guddachuu qaba, sababiinisaa seera Waaqayyoo ti waan ta'eef. Sanyiin tokko yummuu dhaabamutti, diqamaguddachuu qaba. Wanti lubbuu guddisu immoo Waaqayyo duwwaa dha, sababiin isaainni Seerota Isaa keessatti hojiirra oola waan ta'eef. Kanaafuu, yummuu sanyiinhamaa gadameessa Hewaan keessa dhaabametti, guddatee dhalachuu dirqama turejechuu dha, sababiin isaa seera wal hormaataa Waaqayyoo ti waan ta'eef. Inniisa biqilchuu malee waan godhu kan biraa hin qabu, inni Waaqayyo biraa kandhufe tures.

Sababiin namoonni yeroo tokko tokko daa'imman xixinnoon warrimaatii Kristaanaa keessatti hin dhalatan in badu jedhanii yaadaniif isakanaafi.

Dhiigni Yesus Kristos cubbuu daa'imaa qulqulleesseera, meeqatudhalatee fi hamma hamaa ta'ee dhalateettii an dhimma hin qabu. Inni HoolaaWaaqayyoo isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu dha. Daa'imni xinnoon qalbiijijjiirrachuu hin dandeessu, sababiin isaa waan irraa qalbii jijjiirrattu hinqabdu, cubbuun biyya lafaa immoo Dhiiga Kristosin irraa fuudhameera. Daa'immanjireenya Waaqarraatti in galu.

22 Egaa inni cubbuu isa jalqabaa (original) ti, kan innigaafatamuufis sababa kanaafi. Ta'iinguddaan yummuu Waaqayyo biraa dhufutti, wanti jalabaa, “Waa'een gaa'ela dhaabuufi wal hiikuu hoo?” kan jedhu dha. Egaa, inni akkuma kanaan dura ture, inniammas gaaffii namoota gidduu jiru dha. Akkuma bara Yesus keessa ture, akkumabara Musee keessa ture, inni yeroo hundumaa in jiraata, inni hamma guyyaahar'aatti gaaffii namoota gidduu jiru dha, sababiin isaa sabni wanta Dhugaata'e baruu barbaada waan ta'eef.

Iddoo gaaffiin jirutti garuu, deebiin jiraachuu qaba. Deebiinjiraachuu qaba, akkuman kanaan dura, torban tokko dura dubbadhe, deebii sirriita'e jiraachuu qaba. Deebii wanta tokkoo argannee, deebiin sun sirrii miti yoota'e, sana booda wanti sun sirrii akka hin taane in barra. Dhugaa baruubarbaaddu yoo taatan garuu, hamma deebiin gaaffii dhugaa argamutti ittumafuftanii gaafachuu qabdu. Gaafiin kun gaaffii Macaafa Qulqulluu ta'uu isaatiin,deebii Macaafa Qulqulluu argachuu qaba.

Inni akkuma isa dubbadhee turee ti, an ganama kana gara bahaadeemuu yoon barbaade, karaan ittiin kana beeku inni baay'ee filatamaan… waanqabatamaa ta'e tokko dirree keessa barabaaduun deeman ta'a, wantichiskallattiidhaan bahatti kan argamu ta'uu kan qabu yoo ta'u, anis gara bahaattinan adeema. Namni ta'e tokko, “Obboleessa koo Branhaam, kun gara bahaa ti” naanjedha ta'a. Inni hamma tokko(potentially) bahaa, garuu kaaba bahaa ti. Kanaafis meeshaadhuma isan barbaadaajiru sana bira darbee, karaa sirrii akka hin taanee baree of irra nan deebi'a.Sana booda namni ta'e tokko immoo, “Obboleessa koo Branhaam, karaa kanaandeemi, karaa harka kee mirgaa” naan in jedha. Egaa amma, innis akkasuma hammatokko baha, garuu kibba bahaa ti. Egaa meeshaan barbaadaa jiru sana nan dhaba,sababiin isaa daangaa karaa sirrii fi dhugaa bira darbee waanan deemeef.

23 Egaa amma, sun akkas erga ta'ee, Gaa'ela Dhaabuu fi Wal Hiikuu irratti mana barumsaa yaadaa (schoolof thought) lama qabna. Isaan lamaan keessa inni tokko, “Yoo haati manaa isaaduute irraan kan hafe, dhiirri tokko al tokko duwwaa fuudhuu danda'a” jedha.Innis egaa gaaffiwwan jiran keessaa isa tokko. Isa kana duukaa yoo buutan garuuqarqara (overboard) irra deemaa jirtu. Yaanni inni kaan immoo, “Oh, haati manaayookiis abbaan manaa, lamaan isaanii keessa tokko yoo ejje, inni tokko isa kaanhiikee lammata fuudhuu/heerumuu danda'a” jedha. Isa kanaanis qarqara irra utuudeemaa jirtanii of in argitu.

Kanaafis hubadhaa, kaaba bahaas kibba bahaas miti; nuyi baha isasirrii barbaanna. Karaa kana irra yoodeemtan Caaffataa ala baatu, karaa sanairra yoo buutanis Caaffataa ala baatu. Iddoo Caaffanni Caaffataa wajjin wal kiphu baruu barbaanna, inni Dhugaankam akka ta'es baruu barbaanna. Hunduu karaa adda addaa qabatee deebii sirriifiduu dadhabe, garuu amma iyyuu deebiin jiraachuun dirqama.

24 Inni akkuma bara har'aa ti, har'a waldaa keessa mana barumsaa doktiriiniigurguddaa lamatu jira; isaan keessaa tokko Kalviiniziimii (Calvinism) yoo ta'u,inni kaan immoo Armiin-…Arminiyaaniiziimii (Arminianism) dha. Inni tokkoseeratti kan cichu (legalist) yoo ta'u, inni kaan immoo ayyaanatti (grace) kancichu dha. Namoota warra ayyaanatti amananii, gara warra Kalviinistii yooqorannee ilaalle, isaan, “Waaqayyo haa eebbifamu, xuuxuun ana hin miidhu, dhugaatiidhuguun ana hin miidhu. Wantoota kanneen gochuu nan danda'a; an nageenya barabaraa argadheera” jedhu. Gama isa kan biraa, gama warra leegaalistii yooilaalle immoo, isaan, “Oh, itti iyyee gadi isa baasuun fedha, maalummaa sammuukootii isatti agarsiisuun fedha; garuu immoo an Kristaana, kanaaf callisuutunarra jira” jedhu. Hubadhaa, daandii garaa garaa lama irra jirtu, karaan lachuusirrii miti. Egaa amma, kana jechuun in ulfaata, garuu waan dhugaa dha.

Karaa garaa garaa lama irratti of argina; inni tokko karaa isatokkorra, inni kaan immoo karaa isa kan biraa irra deema. Egaa inni Dhugaan isakam akka ta'e haa ilaallu.

25 Egaa amma, kana dhaggeeffadhaatii yoo miira keessanitti toleqalbeeffadhaa. Fakkeenyaaf, utuun tajaajilaa fagoo deemuuf ka'ee. Meemaatiidhuma koon fakkeenya fudha. Yeros egaa haadha manaa koo ofitti waameen,“Nuyi…Jaallatamtuu koo, tajiija fagoo deemuufan jedha” jedheen isheetti hima.(Egaa amma, kun gama warra seeratti cichanii ti.) “Egaa, haadha manaa koo, seera lafa siifkaa'een deemuuf jedha. Yeroon deemutti nama kam illee wajjin yoo jiraatte,yeroo deebi'utti dubartii abbaa manaa hiikte in taata. Ija namaa keessa akkaati ilaaltu hin barbaadu, akka nama biraa wajjin hin jiraanne, of eeggadhu!Kana hubatteettaa? An abbaa manaa kee ti! Ati kana goonaan, yeroon deebi'uttisin hiika.”

Ergan akkas ittiin jedhee booda isheen gara kootti dhi'aattee karabaataakoo qaqqabaa, “Yaa namicha koo gaarii, waan tokkon sitti himuu barbaada,hubadhu, qalbeeffadhu, ija kee dubartii kam irra illee yoo buufte, yookiisdubartii kam illee yoo baafte, yookiis dubartii kam illee yoo jiraatte, yeroodeebitee galtutti dhiira haati manaa hiikte in taata” jetti. Egaa manni sunmana gammachuu qabu hin ta'u. kun ergaakan warra seeratti amananii (legalist) ti. Ba'eessa egaa.

Egaa yaadni doktriinii inni kaan immoo, yoon tajaajilaaf deemeedogoggoree…Achi deemee, “Ba'eessa, ilaali amma, dubartii kana nan baasa. Oh, haati manaa koo dhimma kanaa hin qabdu” yoonjedhe, haati manaa koos, “An ba'een namichakanaa wajjin jiraa dha. Biiliin waan kanattii dhimma hin qabu. Inni kanttihin dhiphatu” in jetti. Egaa dhimma wanta kanaa hin qabu yoon ta'e, rakkinawayiitu ana bira jira jechuu dha. Haadha manaa koo sana sirriitti hin jaalladhujechuu dha. Isheenis dhimma hin qabdu yoo taate, rakkoo wayiitu ishee bira jirajechuu dha. Isheen haadha manaa koo ti; namni biraa akka ishee na duraa gowwomsuhin barbaadu. Isheen haadha manaa koo ti.

26 Egaa amma, karaa sirriin kan ta'uu malu, lamaan isaanii iyyuudhugaa qabu, garuu Dhugaa isa sirrii qabu miti.

Egaa yeroon tajaajilaaf fagoo deemutti wanti sirriin nuyi goonu,maatiin koo walitti qabamnee walii wajjin in kadhanna. An dabarseen Waaqayyottiisaan kennadha, isaanis dabarsanii Waaqayyotti na kennatu.Yeroo biyya fagoodeemnu…yeroon biyya fagoo deemu kana goona. Egaa amma, akka isheen na jaallattunan beeka; amanamummaan ishee irraa qaba. An ishee nan jaalladha; isheenisamanamummaa ana irraa qabdi. Hamman hagana ishee jaalladhutti, isheen dubartiibiraa ofitti fuudhee wajjin jiraata jettee homaa hin yaaddoftu. Isheen hangasirriitti na jaallattutti immoo, maaliif, yaadni isheen dhiira kan biraa wajjinjiraatti jedhu ana keessa hin jiraatu, sababiin isaa, isheen haadha manaakooti, ishee nan

amanas.

Nan amana, utuun dhuguma waan sirrii hin taane tokko godhee, utuundogoggoree dubartii biraa wajjin jiraadhee yeroon manatti deebi'u, akkandogoggore isheetti himee, “Meedaa, ittii yaadeen kana godhe miti. Futtaasaatokko gidduuttin qabame; dubartiin kun kallattiidhumaan gara kootti fiigdee,haammannaadhaan na gaggabsitee, achumaan kanaafi kana gochuu jalqabne” yoon isheedhaan jedhe, akka isheen naaf hubattunan amana. Kana gochuu kootiif dhiifama akka isheen naaf gootu nan amana. Garuuwanti fedhe yoo dhufe illee, ana kana hin godhu, sababiin isaa ishee nanjaalladha waan ta'eef. Isheen dhiifama naaf haa gootu iyyuu malee, an kana hingodhu. Waan fedhe yoo ta'e illee, an ishee miidhuu hin qabu. Dhiifama akkaisheen naaf gootu yoon beeke iyyuu, ishee miidhuu hin barbaadu.

27 Waaqayyoo wajjinis akkasuma. Jaalalli fiile'oo (Phileo), kana jechuuun jaalalli dhala namaaf qaban,jaallalli walitti dhufeenya namaa namnihaadha manaa isaatiif miira akkasii akka qabaatu erga godhee, jaalalli agaapa'oo (agapao) attam haa ta'u, kana jechuunis jecha afaan Griikii yoota'u, “Jaalala Waaqayyoo” jedhuudha, inni egaa waa'ee Yesus Kristosiif akkanhojjdhuuf attama na godha laata? An isa hojjechuu hamman barbaadetti, garaa kooirraa fudheen hojjedha. Ba'eessa egaa, nan jedha, isa hojjechuun hamma lapheekoo keessa jiraatetti, deemeen isa hojjedha. Leegaaliiziimiin isa ana hingoosisu, sababiin isaa, kana yoon godhe akkan adabamu beekeera waanan ta'eef.Waa'ee kanaatiif wanti Dhugaan garuu, yummuu jaalalli Waaqayyoo laphee keessankeessa dhufutti, akka Isa hojjettan isin in taasisa. Dhugummaan isaa isa kana.Mana barnootaa lamatu jiru. Leegaaliiziimii yookiis isa kan biraa, yookiis Kalviniiziimiimiti, lamaan isaa ti malee.

28 Egaa akkuma kana, bara har'aa dhaabbileen amantii garaa garaabaay'een akka jiran in argina. Waldaan Kaatolikii jira, waldaan Protestaantiijira, lamaan isaanii iyyuu ana karaan ofin jedhu. Hubadhaa, “Nuyi karaa qabna;nuyi Dhugaan.” Warri Metedistiis jiru, isaan, “Nuyi Dhugaa qabna” jedhu, WarriBaaptistiis, “Nuyi dhugaa qabna” jedhu.

Ba'eessa, akka kootti, akkasitti isaanitti haa dhaga'amu malee,akka isaan jedhan hin ta'u, sababiin isaa Yesus, “Ana Dhugaan” jedheera waanta'eef. Hubattanii?

Kanaafuu, akkuman lallaba koo kaleessa galgalaa irratti dubbadhe,Inni iddoo Waaqayyo Maqaa Isaa kaa'e dha, Inni iddoo tokkicha itti waaqeffatanidha. Isin sababii pirotestaantii taataniif Kristaana taatan miti. SababKaatolikii taataniif Kristaana taatan miti. Sababa Metedistii, Baaptistii,yookiis Phenxeqoostaalii taataniif Kritaana taatan miti. Isin sababa bishaaniinutuu hin ta'in Hafuura Qulqulluutiin Yesus Kristositti cuuphamtaniif Kristaanataatan. “Amantii tokkotu jira; Gooftaan tokko; cuuphaan tokko,” innis cuuphaaHafuura Qulqulluu ti. Cuuphaan bishaanii tokkummaa waliin qabaachuu(fellowship) tti isin dabala. Cuuphaan Hafuura Qulqulluu Kristositti isindabala. Dhugaan jira.

29 Akkuma kana Gaa'ela dhaabuu fi wal hiikuu kana irratti yaadotalama qabna. Amma Gooftaan mallattoo torban dhoksaa Dubbii Sagalee Isaa guyyootagara dhumaa kana keessa waan nuuf baneef… Egaa amma, baay'ee keessanitti kunafaan Griikii isinitti ta'uu danda'a, garuu waldaan koo in hubattu. Maaliin?Waa'ee mul'ata sanaa fi waan raawwatmes dhageessaniittu. Gaaffichis gaaffiiMacaafa Qulqulluu ti, uumamuu biyya lafaa irraa jalqabee dhoksaa dhokfamee turehundumaaf deebiin dhugaa dirgama akka jiru akka amannuuf asitti afeeramneerra.Raajiin Macaafa Qulqulluu keessaatti dubbatame, dhoksawwan kunneen bara kanakeessaa akka beeksifaman in dubbata. Mul'ata boqonnaa 10: “Bara malakkanniErgamaa torbaffaa (ergamaa Laa'odiiqeyaa) afuuufamutti garuu, wanti Waaqayyodhoksaatti akeeke in beeksifama.” Yeroon kun immoo bara dhumaa isa ta'e baraLaa'odiiqeyaa ti.

30 Haaromsi amantii adeemsifamaa ture kana hundumaa ilaalaa, waggootakudha shan yookiis isaa ol kan lakkoofsise yoo ta'u, dameen amantii tokko illeeirraa foxxiqee hin hundeeffamne. Luuter haaromsa geggeesse, achumaan dameenamantii tokko keessa ba'e; Wesliin haaromsa geggeesse, achumaan adameen amantiitokko keessa ba'e; Aleksaander Kaampibeel haaromsa geggeesse, achumaan dameenamantii keessaa ba'ee hundaa'e. Isaangurguddoon kunneen hunduu…Joon Ismiiz, fi kanneen kana fakkaatan, Moodiin,warri kaan hunduu dameelee amantii ta'anii kara karaa goran. Asitti garuu tokkota'ee…Haaromsi yeroo baay'ee waggaa sadii irratti xumurama, inni kun garuuwaggaa kudha shanii oliif geggeeffamaa kan jiru yoo ta'u, isa irraa foxxoqeedameen amantii burqe tokko illee hin jiru, sababiin isaa kun yeroo sanyii tiwaan ta'eef. Kana booda qolli sanyii aguugu hin jiru. Qalli sanyii irraabaanaan sanyiitti ba'ama.

Waaqayyo qophaa'eera. Inni amma kana gochaa hin jiru yoo ta'e,Inni waldaa Isaa Sagalee Isaatiin, Yesus Kristosiin gara guutuu ta'uu(perfection) tti waamuuf deemaa jira. Qalbeeffadhaa, deebiin iddoo ta'e tokko jiraachuuqaba, Innis kan jiraatu, dhoksaa Waaqayyoo torban malladhaan mallatteeffaman,Mallattowwan Torban…

Mee nama meeqatu sana hubata, harka keesan ol qabaa. Mee haailaallu. Baa'een isaanii amantoota keenya kan naannoo kanaati jedheen yaada.Dhaggeeffadhaa, yoo dhiiftanis, mata duree kana irratti kitaabni akka gaariittiqophaa'ee dhi'eenyatti in ba'a. Kitaabota muraasa of harkaa qabna, Isa irraakitaabota muraasa amma of harkaa qabna.

31 Dubbisa keenya keessatti, deebii Caafata Qulqulla'aa isa dhugaaargachuuf, gara jalqabaatti deebi'uu qabnu nu afeeraa jira Yesus.

Egaa amma, yummuu gaaffiin kun isa mudatetti, mul'inatti wantootalamatu jira. Luboonni, “Namni tokko sababiidhuma halleen haadha manaa isaabaasuu in danda'aa?” Isaan jedhan.

Yesus immoo,“Jalqabatti akkas hin turre” jedhe.

Yeros isaan, “Museencaaffata ittiin ishee hiiknu akka kenninuuf nu abboomeera, kanaanissababiidhuma halleef ishee haa hiikan jedheera” jedhan.

Yesus deebisee, “Museen sababii,” kana yeroo xiqqoof nandheeressa, “mata-jabina keessaniitiif haadha manaa keessan akka baaftaniifkaraa isinii bane malee, jalqabatti akkas hin turre” jedhe. Gaaffii!

32 Akkuma gaaffii nagaa bara har'aa ti. “Nagaan wal ta'iinasmootummoota addunyaatiin dhufaa?” An, waawuu lakki, jedheen isiif deebisa. Inniyeroo hundumaa kufeera, ammas deebi'ee in kufa. Garuu gaaffii, “Nagaan lafairratti in ta'aa?” jedhuuf deebii dhugaan jira. Eeyyee, yummuu cubbuun biyyalafaa irraa haxaa'amee balleeffamuttu, nagaan in jiraata. Hangasitti garuunagaan hin jiraatu; “sabni saba irratti, mootummaanis mootummaa irratti inka'a.” Waaqayyo qoricha cubbuu irraa ittiin fayyan kenneera. Amma sirriittidhaggeeffadhaa. Waaqayyo qoricha ittiin cubbuu biyya lafaa irraa balleeffamukenneera, namni lafarraa dhalate garuu qoricha Waaqayyoo hin fudhatu.

Waaqayyo furmaata (remedy) fi karaa tokkicha ittiin haadha manaakeenya fuunee wajjin jiraannu nuuf kenne, namni garuu furmaata Waaqayyoo hinfudhatu, namni Sagalee Waaqayyoo isa irratti hin fudhatu. Yesus akkas jedhe…Kunimmoo Dubbii Sagalee Isaa nu yaadadhiisa, isa Inni, “Waaqnii fi lafti darbuufjiru; Dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu” jedhe in beekna.

33 Gaaffichaaf deebii dhugaa akka argannuuf, garri Yesus akka ittideebinu barbaade gara jalqabaatti. Sun immoo Seera Uumamaa keessa ta'a,sababiin isaa Seerri Uumamaa gaaffii Macaafa Qulqulluu hundumaaf boqonnaasanyii ti. Sanyiin gosa kamii maasii irra akka jiru, midhaanni keessanfuulduratti maal akka ta'u baruuf, yeroo hundumaa deebitanii sanyii maasiikeessan keesa jiru ilaaluu qabdu. Egaa, sanyii gosa attamiitu facaafame? SeerriUmamaa, boqonnaa sanyii waan ta'eef, gara Seera Uumamaatti haa deebinu. Yesusyummuu, “jalqabatti” jedhe, gara Caaffata Qulqulla'aa sanaatti nu akeekaa jira.Yaadadhaa, inni yummuu yeroon lakkaa'amuu jalqabe dha. Isaan duratti, baraahamma bara baraa tu ture. Egaa amma, gaaffiin keenya achitti… Qalbeeffadhaa,utuu gara jalqabaa deemnee…

Amma egaa, kun isin hin darbin! Sababiin suuta jedhee dubbachaajiruuf, namoonni bakkeedhaa sarara shibootiin…akkasumas teeppiin qulqullinaanakka dubbatuuf jedheen suuta dubbadhaa jira.

Yesus yoo, “Gara jalqabaatti deebi'aa” jedhe, wanti lafarra jirukamuu cimdii tokko ture. Addaam tokkoo fi Hewaan tokko qofaatu ture, isaanWaaqayyo duwwaatu walitti isaan qabsiise. Farda dhalaa tokko, farda wadala tokko; komaa corrisaa tokko, corrisaadhaltuu tokko. “Jalqabatti,” akkuma Inni achitti deebi'aa nuun jedhe, wanti kamiyyuu cimidii tokko tokko duwwaatu ture. Kun dhugaa dhaa? [Amantoonni, “Ameen”jedhan.] Yoos egaa, wanti hunduu jalqabatti toora sirrii (perfect order) fiwaliin jireenya jaalalaa (harmony) tiin Waaqayyoo wajjin deemaa ture, wantitokko illee toora ala ba'ee hin turre.

Wanti Waaqarra jiru hunduu amma iyyuu tooruma isaa qabatee jira;urjoonni hunduu, gaalaaksonni, sirni soolaarii, wanti hunduu toora sirriiqabatee jira. Isaan keessaa tokko sochoonaan, sagantaan hunduu in jeeqama.

34 Amma dhaggeeffadhaa! Hubattuu? Wanti tokkottiin iddoo gadidhiisuun guutummaa sagantaa akka faalu! Egaa amma, yeroo Waaqayyo dhala namaawajjin, dhiira tokkoo fi dubartii tokkoo wajjin walitti fufiinsaan (withcontinuity) deemaa jirutti, dubartiin kun cubbuu hojjettee, cubbuun sunisguutummaa itti fufiinsa sagantaan lafarraa Waaqayyoo wajjin qabu alatti baaseegate. Kanaafuu, jechi tokko Macaafa kanatti dabalamuun, yookiss Jechi tokko Isairraa hir'ifamuun, itti fufiinsa Waaqayyoo wajjin qabaachuu keessaa Kristaanain baasa, Waaqayyoo wajjin itti fufiinsa qabaachuu keessaa waldaa in baasa,Waaqayyoo wajjin itti fufiinsa qabaachuu keessaa maatii in baasa. DubbiiWaaqayyoo hundumaa fudhachuu dhabuu isaatiin, amanaan hunduu gadi in baafama.

Yeros egaa, mana jaallatamaa sana irraa addaan ba'uuf saba kantaate Hewaani. Biyya lafaa rakkina keessa kan buuse Kiruubel miti. Iddoojireenyaa achi keessaa kan baase Addaam miti. Iddoo jireenyaa achi keessaabaasee, waan hundumaa itti fufiinsa keessaa kan baase dubarittii, Hewaani maleewaan kan biraa tokko iyyuu miti. Egaa iddoon inni Yesus, “jalqabatti” jedheedubbate sun itti cabe addanatti. Yesus, “Waaqayyo jalqabatti sanyii gosahundumaa dhiira tokkoo fi dhalaa tokko uume” jedhe. Egaa amma yummuu dubartiinkun…fardaa dhalalaa miti, saree dhaltuu miti; dubartiitu guutummaa ittifufiinsa hojii Waaqayyo lafarratti qabuu cabsee, waan hundumaa du'a keessattidarbate. Kan kakuu cabse dhiira miti, dubartii dha malee. Isheen kakuu cabsite,sababiin isaa daangaa Dubbii Waaqayyoo irra tarkaanfatte waan ta'eef. Egaaamma, isheen kakuu abbaa manaa isheetiif galte irra yoo tarkaanfatte,

kakuuWaaqayyoo wajjin qabdu irra tarkaafatte; yeros, sababa kakuu Waaqayyoo wajjinqabdu cabsiteef, kakuu abbaa manaa ishee wajjin qabdu cabsite.

35 Kakuu fi waadaa Dubbii Waaqayyoo yummuu cabsitanitti, isatumiseensa waldaa seeraan alaa (illegitimate) akka baay'ataniif sababa ta'a,sababiin isaa gareen namootaa walitti qabamanii, “Ba'eessa, Inni kana jechuumiti” yummuu jedhan, jechi isaanii sun jaarmiyicha guutummaatti itti fufiinsaaSagalichaa keessaa in baasa. “Nuyi Isatti hin amannu. Dokteer Joon Inni akkasjechuu miti jedheera.” Garuu, Waaqayyo akkas jedheera! Inni, “Dubbiin namahundaa soba haa ta'u, Dubbiin Koo garuu Dhugaa haa ta'u” jedheera. Achitti egaaitti fufiinsa kan cabsu.

Egaa hubadhaa, itti fufiins cabuu isaatiin, toorri Jireenyaa incabe, toorri yeroos in cabe, kakuun in cabe, wanti hunduu in cufame! Maaltukanaaf sababa ta'e? Dubartii tokko. Wanti kakuu cabse ishee dha. Egaa, kana dubbifachuu yoo barbaaddan, SeeraUumamaa boqonnaa 3 dubbifachuu dandeessu.

36 Egaa amma, yeroo sanatti dhiirri aboo dubartii irratti akkaqabaatu Dubbii Waaqayyootiin taasifame. Isheen yeroo sanaa jalqabdee qixxeedhiiraa hin turre. Akkuma isin beektan, isheen dhiiraa wajjin wal qixa turte.Yeroo isheen Dubbii Waaqayyoo cabsitetti garuu, Waaqayyo dhiirri aboo akkaishee irratti qabaatu godhe. Barreeffachuu yoo barbaaddan, Seera Uumamaa 3:16. Isheensana booda qixxee dhiiraa hin turre. Isheen cabsituu Dubbii Waaqayyoo turte.

“Ishee,” isheen, waldaan dachaa kanaa, cabsituu Dubbii Waaqayyoohin argitanii? Sanatu guutumaan guututti itti fufiinsa keessaa ishee baase.Inni egaa wanta waldaan gootee du'a hafuuraa waan hundumaa irratti darbattedha. Egaa amma, wantoota kanneen maaliif akkan waqaraa jiru in hubattuu!Dubbiin kun Dhugaa dha! Kun dhugaa Macaafa qulqulluu ti.

Qalbeeffadhaa, isheen maaliif waan akkasii goote? Dubartiinjaallatamtuun, miidhagduun sun attamitti…?

Yeroo tokko suraa tokkon arge, iddoon isaa Griikii keessa nattifakkaata, suuraa Hewaan kan ageessi fakkii tokko kaasen arge. Isheen waanjibbisiisaa ijaan takkaa argamee hin beekamne fakkaatti. Sun immoo kanagarsiisu akkaataa yaadni sammuu foonii ittiin ishee ilaalu dha. Garuu isheenakkas hin turre; isheen miidhagduu turte, sababiin isaa ishee dubartii waanhundaan guutuu, dubartii hundumaa irra caaltu turte.

37 Qalbeeffadhaa, isheen utuu sadarkaa olaanaa akkasii irra jirtuumaaiiif waan akkasii goote? Isheen dhiiraa wajjin qixxee turte, isaa wajjin walqixa turte. Garuu amma wal qixxummaa dhiiraa wajjin qabdu akka gate hundumtikeenya in beekna, Waaqayyos, “Ammaa jalqabee inni aboo si irratti in qabaata”jedhe. Egaa kun dubbii Caaffataati, yoo barbaaddan dubbifachuu dandeenya.

Egaa, namoota guutummaa biyyaatti tamsaasa kana hordifaa jiraniifyeroo qusachuuf jecha, tarii ofii keessanii akka dubbifattaniif kutaa Macaafaaisiniif kennaan jira.

Sababa isheen kana gooteef qalbeeffadhaa. Seexanni attamittiisheetti dhi'aate?

Yeroo ta'e tokkotti Seexanni Waaqayyo wajjin wal qixa (co-equal)akka turee beektuu? Dhuguma inni akkas ture. Uumuu irraan kan hafe inni waanhundumaa ture. Inni waan hundumaa ture, inni waaqarratti gara harka mirgaaWaaqayyoo kan dhaabatu ture, inni Kruub hoogganaa guddaa ture.

Qalbeeffadhaa, sababiin isheen kana gooteef, isheen uumamajalqanaa (origibal creation) keessa hin turre. Isheen uumama Waaqayyoo isajalqabaa miti; isheen uumama sadarkaa lammaffaa (by-product) dha. Kanaafuu,Yesus, “jalqabatti” jedhee akeeketti, isheen uumama Waaqayyoo isa jalqabaa hinturre. Yummuu Yesus, “jalqabatti” jedhee akeekutti, isheen uumama lammaffaa(byproduct) dha.

38 Yaadadhaa, Addaam uumama jalqabaa keessatti al tokkotti saaladhiiraa (masculine) fi saala dhalaa (feminish) ture, tokko, garuu lafeecinaachaa (rib) tokkoon kan gargara hirame ture.

Qalbeeffadhaa, isheen uumama sadarkaa lammaffaa ti, ammasqalbeeffadhaa, uumama Waaqayyoo hundumaa keessaa, bineensa hundumaa keessaa,waan hundumaa keessaa haala kanaan kan bocamte ishee duwwaa dha. Dhalaan kanbiraan hunduu uumama jalqbaa keessa turan. Dhalaan kan biraan hunduu uumamajalqabaa keessa, Hewaan garuu uumama jalqabaa keessa hin turre. Hubadhaa,isheen akkasitti uumamte. Yeroo mursaabooda kana gadi fageenyaan in ilaalla. Hubadhaa, uumamni isheen keessa turteuumama jalqabaa miti, uumama lammaffaa keessa turte malee, uumama kanakeessatti immoo…

Egaa, miira keessan tuquu koo miti, Dhugaa jiru isinitti himuubarbaadeen malee. Tasgabbooftanii taa'aa jirtu; kanaan waan gaarii gochaajirtu.

39 Akka dubartiin nama gowwomsitutti wanti nama gowwomsuuf uumametokko illee hin jiru. Ishee irraan kan hafe wanti akka kanatti uumame tokkoillee hin jiru.

Akkuma kana immoo, wanti akka dubartiitti salphaatti gowwomfamuudanda'us hin jiru. Egaa kufaatiin

sun, kufaatiin jalqabaa sun yaadni hima kanaadhugaa akka ta'e mirkaneessa.

Isheen uumamaa jalqabaa keessa hin turre. Isheen addaam keessaturte, isheen jalqabatti saala dhalaatiin hin turre. Isheen uumama lammataa ti.

Egaa amma, wanti akka dubartiitti salphaatti gowwomsuu figowwomfamuuf uumamteetti uumame tokko illee hin jiru. Wanti tokko illeeakkasitti hin bocamne yookiis wanti akka dubartiin tokko safuu cabsitee salphoota'uu dandeessuu (stoop as low as woman) ta'uu danda'u hin jiru. Yaadaa meeamma! Uumama jiran hundumaa keessaa salphoon safuu hin eegne dubartii malee hinjiru. Wanta lafa kanarra jiru kamuu caalaa, onnee namaa tokkoo salphaatti iddoomeeqatti kan tatarsaasuu dandeessu haadha manaa isaa ti. Mee haatumti manaamiskiinni gaariin sun dhiira kan biraa wajjin fiiguu haa jalqabdu; mee namichamiskiina ijoollee isaa wajjin taa'aa jiru sana ilaalaa, imimmaantu ija isaakeessaa gadi rooba. Ishaan haala sanaan bocamte. Isheen kana gochuuf uumamte.Booyyee dhalatuun, saree dhaltuu, yookiis bineensi akka isheetti uumame,yookiis akka isheetti kan safuu gattu hin jirtu. Egaa, kun dhugaa dha.

Obboleettiwwankoo warri taatan, kana akka akeekkattan nan barbaada.

40 Bineensi safuu hin beekne (immoral) hin jiru. Saree dhaltuudhaan,“baalagee (slut)” ittiin jetti, booyyee dhaltuudhaan…itiin jettu, safuunisaanii garuu maayilii miliyoonota taatoo urjii hooliiwuud garasi. Egaa attamaakka isheen salphoo taatee bocamte dha. Isheen…hin dandeessu. Mee amma kanayaadaa. Uumama Waaqayyoo keessaa, addunyaa kana irratti wanti akka dubartiisafu-cabsituu, salphoon ta'uu dandeessu hin jirtu.

Isin, “Turi mee! dhiirri…” in jettu. Gara isa kanaatti deemaajirra. Dubartiin, “Eeyyee” jechuu qabdi.

Hubadhaa, wanti salphachuuf, yookiis xuraa'aa ta'uuf bocamedubartii duwwaa dha. Sareen kana gichuu hin dandeessu, booyyeen kana gochuu hindandeessu, simbirroon kana gochuu hin dandeessu. Bineensi ejjituun (immoral0hin jirtu, kana ta'uu hin dandeessu, sababiin isaa akkas ta'uu akkadandeessutti hin uumamne. Booyyee dhaltuun ejjituu ta'uu hin dandeessu, sareedhaltuun ejjituu ta'uu hin dandeessu, simbiri dhaltuun ejjituu ta'uu hindandeessu. Kana gochuu kan dandeessu dubartii duwwaa dha.

41 Amma Seexanni eessa akka dhaqe hubattanii? Hubattanii? Garuu ammaiyyuu isheen, “tole” yookiis “I'ii” jechuuf aangoo qabdi. Hubadhaa, gara isheenitti of gorsiisuu barbaaddu irratti hundaa'a. Hubattanii? Amma sanyiin bofaaeessaatti akka ol seene ifatti arguu dandeenya. Iddoo inni dhaquu danda'u iddootokko duwwaa dha. Namni kana irratti wali hin galle jira taanaan, inni jaamaadha. Hubadhaa, hubattanii? Inni iddoo sana kan deeme ta'uutu irra jiraata.

Hubadhaa, sababiin bineensonni, bineensi dhaltuun kana hingooneef, isaan uumama jalqabaa keessa waan turaniifi. Dubartiin garuu uumamajalqabaa sana keessa hin turre. Egaa amma qonnee ol baafnee, sana boodakallattiidhumaan gara bara ammayyaa Kakuu keessatti isin fidna.

Ishee qofaatu xuraa'ummaa fi jireenya qulqulluu hin taaneef wixiname.Sareen hin dandeessu; dhalaan dadeessu hin jirtu. Dubartiin garuu in dandeessi.Saree fi bineensi kan biroon, waggaatti al tokko gooti, kanas kan gootudaa'imman godhachuufi; fedhii foonii ishee guuttachuuf gooti miti, da'immangodhachuuf malee. Booyyee dhaltuun, saree dhaltuun waggaatti al tokko, yerootokko raawwatti, sunis daa'imma godhachuufi. Dubartiin garuu yeroo kamuu akkahawwitutti wixineeffamte. Barreefaman kanarratti waanan amma irra sarareejaamsee bira darbaa jirutu jira, egaa waan kana tilmaamuu dandeessu. Sareen hindandeessu; dubartiin in dandeessi. Wantan irra sararee jaamsee bira darbe kanaHafuurri Qulqulluun isiniif in ibsa jedheen abdadha.

42 Sanyiin (specie) tokkichi, sanyii dhalaa hundumaa keessaa kandhiira caalaa bareedduu taasifamte dubartii dha. Sanyiin dhalaa dhiira caalaabareeddu kan biraan hin jirtu. Nama irraan kan hafe uumamni Waaqayyoo hunduudhiira isaaniitu bareeda; kanneen akka bineensotaa, simbirrootaa fi kan kanafakkaatan dhiira isaaniitu bareeda.

Korma diirii (deer) ilaalaa mee, gaanfa gurguddaa babbareedaaqaba, bifaan guddaa dha; mee haadhoo diirii gad of deebiftuu, xinnoo sana immooilaalaa. Kormaa indaaqqoo guddaa miidhagina baallewwan isaa wajjin ilaalaa mee;haadhii indaaqqoo daalachooftuu xinnoo sanas ilaalaa. Simbirroota ilaalaa mee;kormaa fi haadhoo. Maaliif? Uumama Waaqayyoo hundumaa keessatti maaliif akkasta'e? Uumama hundumaa keessatti dhiiratu dhalaa caalaa miidhaga. Hoolaagidduudhaa, booyyee gidduudhaa, farda gidduudhaa, wan kan biraa kamuugidduudhaa, yeroo hundumaa isa kormaatu qaamaan guddaa, bareedaadhas;simbirroota keessattis akkasuma.

Sanyii dhala namaa keessatti garuu, kan miidhagu dubartii dhamalee dhiira miti. Inni in baareeda yoo ta'e, iddoo ta'e tokko rakkoon jirajechuu dha; iddoo ta'e tokkotti sanyiin (seed) wal jala fuudhameera.Jalqabumattuu haala kanatu ta'e. Maaliif? Maaliif akkas godhame? Ittingowwumsuudhaaf. Inni ishee wixineesse (her designer), Seexanni amma iyyuuakkuma sana guyyoota dhumaa kana keessas ishee irratti hojjetaa jira.

43 Mee yeroo xinnoodhaaf asuma irrattin dhaaba. “Miidhaginaa!”Badiisi guutummaa biyya lafaa, badiisi addunyaa, yookiis badiisi yeroojalqabaaf guutummaa addunyaatti dhufe sababa miidhagina dubartii akka ta'ebeektuu? “Ilmaan Waaqayyoo durboonni namootaa mimmiidhagoo akka ta'an yummuuarganitti, isaan keessaa akkuma fo'atanitti fuudhanii haadha manaa ingodhatan.” Sirrii dha mitii?

Bara ammaa kana keessa bareedinni dubartii dabaluusaaqalbeeffattaniitttuu? An suuraa Pearl O'Brien argeera, isheen yeroo tokkodubartii biyyicha keessatti hundaa ol miidhagduu jedhamtee fudhatamtee turte.Miidhagina yoo ta'e, ijoollee durbaa saafela (teen-age) mana barumsaa kanaakeessaa namni ishee caalaa hin miidhagne hin jiru.

Miidhaginni dubartootaa dabaluun yeroo gowwomfamuu (deception)agarsiisaa jira. Waldaan akka yeroo ammaa caalaa yoom miidhagduu fakkaatteebeekti? Wanti hunduu guddaa ta'ee mul'achaa jira, gamoo mimmiidhagaa gurguddaata'ee argamaa jira, akkasumas miliyoonota kanaafi miliyoonota sana. “Ishee” hinhubattanii? Gowwomsituttii!

44 Egaa amma, namni akka isheetti gugguufuu (stoop) danda'u hin jiru,kana gochuudhaanis gowwomsituu ta'uu akka dandeessutti wixinamte. DhugaadhumattiSeexanni guyyaa har'aa, guyyaa dhumaa kana keessa ishee irratti hojjechaa jira,sababiin isaa, inni wixineessaa ishee ti. Kana amma mirkaneessuu nan danda'a.Gara jalqabaatti duuba yoo deebine, eenyutu ishee irratti hojjechuu jalqabe,Addaam moo Seexana? Waaqayyo moo Seexana? Hubattanii? Wixineessaan (designer)ishee isa dha. Inni meeshaa lolaa ishee isa guddaa isa isheen ittiin dhiira xuriiishee keessa buuftu dha. Miidhagduu ta'uu isheetiin, isheen karaa barbaaddeendhiira to'achuu (sway) dandeessi. Obboleessaa, dachaa kanaa kan dhiira ofittihawwataa jirtu ishee wayyaa koomeen geessee uffattu miti; dubartii miidhagduubakkee kanaa, kan gar tokkeen qul'aa of dhodhommoqsaa deemtu dha malee. Wantiishee… Sana egaa kan achitti gowwomsituu ishee taasisu. Isheen isaan du'aafsababa taate, dhugaadhumatti du'aaf sababa taaate. Tarii waa'ee Seexanniwixineessaa ishee ta'ee na gaafattu ta'a, garuu sun Dhugaa dha. Seexanatu isheewixine. Inni amma iyyuu kana hojechaadhuma jira.

45 Mee Caffata Qulqulla'aa keessaan waa isinitti agarsiisa. GaraCaffatichaattin duuba isin deebisa, isin immoo akka bara ammaatti ilaaltaniiyaada mataa keessanii lafa keessu.

Miidhagina gosa akkasii kan qabu Seexana. In yaadanna yoo ta'e,inni Ergamoota Waaqayyoo keessaa hundumarra kan miidhagu ture. Kun sirriidhaa?Inni mootummaa Mikaa'el caalaatti bantii Waaqaa miidhagsuu hawwe. Sirriidhaa?Akkasumas, Qaayin ilma isaa akka ture mul'isuuf, inni waaqeffannaa caalmaattimiidhagu dhi'eesse, iddoo aarsaa isaas kuduraalee fi abaaboodhaan faaye,wantoota kana fakkaatan biroon in godhe. Sirriidhaa? Miidhaginaa! Cubbuunmiidhadhagduu dha, wanti nuyi har'a miidhagina jennu cubbuu dha. Cubbuunmiidhaginaan nama gowwomsiti. Dubartii karaarra asii gad adeemtu ilaaltaniiwaan laphee ishee keessa jiru gonkumaa isheetti himuu hin dandeessan.Hubattanii? An garuu maaliif Seexanni akka wixineessaa ishee ta'e akkahubattaniifan wantoota kanneen jechuu barbaade. Sun sirrii dha, ilmi isaa,Qaayin isa mirkaneesseera. Egaa amma, isheen miidhagduu dha, kanaafis nama ingowwomsiti.

46 Biyyi lafaa miidhagduudha, kanaafis nama in gowwomsiti. Kosmoosiin(cosmos), akkataan teessuma biyya lafaa jechuu koo ti. Inni miidhaguu irraankan ka'e nama in gowwomsa, iddoo mimmiidhagaa gaggaarii fi iddoo gatii guddaabaasan (luxury) of keessaa qaba.

Yaadadhaa, raajichiin Amos yummuu o ba'ee magaalattii asii gadiilaaletti, akka Hooliiwuudii ammaa kana taatee utuu isheen jirtuu argetti, ijiisaa rifeensa harrii fuula isaa irra gadi jigee jiru jalaa in xixinnaatte. InniErgaa fuudhee dachaa sanatti gadi bu'ee, Ergicha achitti in dhoose. Inni,“Waaqayyo innumti isin nana hojjedhaaf jettan isin in balleessa!” jedhe. Kunsirrii dha.

Cubbuun miidhagduu dha. Namoonni Yihudaa akka nama machaa'aa ofgataa karaa kanarra hidhii tisiisi irra guuttee asii gadi jigsee deemuuttufakkeessu. Yihudaan nama miidhagaa, nama jabaa fi gowwomsaa ture. Namni bakkaati geesse hubatee haadha manaa kee hordofu jaarsa qotee bulaa tuuttaa hojiiuffatee deemu miti, nama of mimmiidhagsaa fi gowwumsuun ishee ababbaluu danda'udha malee.

Cubbuun ija biyya lafaatti miidhagduu dha, Waaqayyo garuumiidhagiba gosa akkasiitiin hin mul'anne. Kana beektuu? Waaqayyo amalaan(character) mul'ate, amala miidhagaadhaan mul'ate.

47 Barreeffachuu yoo bargaaddan Macaafa Qulqulluu keessaa, Isaayaas53 keessatti argattu. Isa kanaaf kutaa Macaafaa keessaa kanan barreeffadhe ofharkaan qaba. Isaayaas 53 keessaa Macaafni Qulqulluun Gooftaan keenya YesusKristos, “Inni miidhagummaa waan hin qabneef nu hin mararre. Nuyi akka namaachi ilaalanii bira darbaniitti isa in tuffanne” jedha. Sirriidhaa? Inni nu hinmararre, sababiin isaa Inni miidhagaa hin turre. Tarii Inni nama xinnoo, namanama sanggoon walitti cabaa, nama fuula gubataa kana fakkaatu ture, akkasumasInni nama geggeessituu ta'uuf simboo qabu hin turre. Inni geggeessituu hinfakkaatu ture, Inni akkuma namoota kaanii haasaa karaa irraa haasa'a ture,kanaafis Inni nama barumsa guddaa qabu, nama miidhagaa, nama barate, namagaawonii hundumaa uffate hin fakkaatu ture. Inni namuma taraa (ordinary Man)ture. “Inni miidhagummaa ittiin nu mararu hin qabu ture.” Inni

namootuma gidduuol lixee gadi ba'aa ture, isaan immoo Eenyu akka Inni ta'e illee hin barre.Inni akka waaqayyo (god) lafarra deemaa jiruu hin fakkaanne, akka waan nuyiwaaqayyo (god) jennee yaadnuu of hin goone. Garuu, Inni isuma sana, Waaqayyoture!

48 Waaqayyo Gooftaan yummuu Saamu'eliin, “Gara mana Iseyitti ol ba'iiilmaan isaa keessaa tokko mootii godhii iddoo Saa'ol dibi” jedhe in yaadattuu?

Egaa amma, yummuu Saamu'el guutumaan guututti kana gochuu akka hinqabne isaanitti himuu, namoonni garuu didanii Saa'oliin filatan. Inni, “Mootiiakka qabaattan Waaqayyo hin barbaadu. Waaqayyo Mootii keessani” isaaniin jedhe.Inni, “Maqaa Gooftaatiin isinitti dubbadhee wanti utuu hin raawwatamin hafejiraa? Ittiin jiraachuuf horii keessan yookiis waan biraa isin kadhadhee beekaaan?” isaaniin jedhe.

Isaan immoo, “Lakki waawuu, ati takkaa horii nu kadhattee hinbeektu. Wanti ati Maqaa Gooftaatiin dubbattu kamuu in raawwata. Garuu, waanfedhe iyyuu yoo ta'e nuyi mootii barbaanna” jedhan, kanaafis Saa'oliin filatan.Waan biyyi lafaa filate ilaalaa! Waan Israa'el filate ilaalaa! Israa'el, warriWaaqayyo dibe, nama gateettii isaatii olitti saba sana hundumaa caalaa dheeratufilatan; nama dheeraa, guddaa, ijatti kan tolu, namicha ilaalacha namaattimiidhagu filatan, inni garuu yeruu hundumaa tisiisa dhadhaa keessaa ture.

Waaqayyo garuu, “An filannoo Kootiin mootii isiniif filuufanjedha” isaaniin jedhe. Kanaagis, Inni, “Saamu'el, inni eenyu akka ta'e An sittihin himu, garuu achitti ol ba'i. Inni ilmaan Isey keessaa tokko” isaan jedhe.

49 Isey, haati manaan isaas, hundumti isaanii as gala galanii,“Eyyee, ilmi keenya inni angafaa, qaamaan guddaa, dheeraa, miidhagaa namaa ti,inni nama gonfoo mootiif malu fakkaata. Inni surraa qaba. Inni nama barate dha.Inni nama gaarii dha. Mootii kan ta'u isa akka ta'e nan beeka. Inni dubbii walqixxeeffatee dubbata” jedhan.

Yummuu isaan isa fidanitti Saamu'el cuggee dibataa fudhatee garaisaatti in dhi'aate. Inni, “Lakki, Gooftaan isa tuffateera” jedhe. Kanaafishaaluma kanaan guutummaa ilmaan ja'anii isatti dhi'eessan, Gooftaan immoohunduma isaanii in tuffate. Inni, “Namni kan biraa hin jiruu?” jedhe.

Innis, “Oh, jira, ilmi koo tokko jira, inni bakkee kanaa hoolaatoksa. Inni bakkaa sana taa'ee meeshaa ribuu taphataa ittiin faarfata, innibakkee keessaa iyyaa oola. Garuu, inni quxisuu dha, nama gateettiin isaawalitti cabaa, nama fuula diimaa wayii ti, inni gonkumaa mootii ta'uu hindanda'u” jedhe.

Saamu'el immoo, “Dhaqaa isa fidaa” jedhe. Daawit yummuu fuula raajichaa durattidhi'aatetti, raajichi qodaa gaanfaa dhadhaa ejersaa qabu sana fudhatee fiigeemataa isaa irratti dhangalaasee, “Inni Waaqayyo fo'ate isa kana” jedhe.Miidhagina miti; amala malee. Waaqayyo amala ilaala.

50 Namni miidhagina uumamaa ilaalaa. Inni gowwomsaa dha. Sababiindubartiidhaaf miidhaginni kennameef gowwomsaadhaafi, ittiin gowwomsuufi.Dubartiin miidhagduun, yoo miidhagina ishee akkaataa sirrii ta'een itti hinfayyadamtu ta'e, inni abaarsa isheetti in ta'a. Wantootan beeku hundumaa irraariitiidhaan gara qiliilleetti kan ishee darbatu isa kana. Isheen yoojallistee…Miidhagduu ta'uu dandeessi, dhugaa dha; hamma abbaa manaa isheewajjin jiraattuttii fi hamma waan qajeelaa hojjettutti, miidhaguun ishee gaariidha, fudhatama qabas. Garuu isheen isuma fuutee ittiin gowwomsuutti bobba'uudandeessi, kana akka gootuuf ishee kenname waan ta'eef.

Amma qalbeeffadhaa, Waaqayyo garuu amala miidhagaadhaan mul'ate.“Yesus miidhagummaa waan hin qabneef nu hin mararre,” garuu amalaan kan akkaIsaa lafarratti hin argamne.

Amma, amala waldaa bara har'aa qorree haa ilaallu, Seexannii figareen isaa waldaa gurguddaa miidhagaa, wantoota mimmiidhagoo duukaa bu'u. Wantibiyyi lafaa har'a gara isaa ilaalaa jirtu isa kana. “Oh, paateriin, guddaayeroo akkasiif-akksii, abaluu-abaluu, sirriitti lubummaa fi ulfina isaaeeggatee, gaawonii (robes) gurguddaa, fi wantoota kana fakkaatan godhateeba'a.” Isaan isa kanaan miidhagina jedhu.

Qulqulloonni Waaqayyoo warri dhugaan garuu amala Sagalicha isamul'inatti dhugaan ba'ameefii (vindicated Word) barbaadu.

Wanti qulqulloonni guyyaa sanatti, yeroo Yesus arganitti godhanisa kana. Inni miidhagina ilaaluuf nama mararu tokko illee hin qabu ture, isaangaruu Waaqayyo akka Isa keessa jiru in argan. Waaqayyo akka Isaa wajjin jiru inhubatan.

51 Amaloonni Iyoob akka turan, amloonni Daawitis akkas turan, inniquxisuudha, garuu namni akka isa keessa jiru…Waaqayyo akka isa keessa jiru inarganii, guyyaa tokko akka inni gara aangootti dhufu in baran. Nama tokkotukophaa isaa obbolaa Goliyaad afur fixe. Nama tokkotu kophaa isaa namoota dhibbasadii fixe; yummuu dubartoonni muraasi irbaata hojjechuuf baaqelaa funaanuudeemanitti, loltoonnis achii in adeeman, inni immoo eeboo isaa butatee namootaFilisxeem dhibba sadii in ajjeese.

Amala! Maaliif? Isaan Daawitii wajjinsirriitti jiraatan. Dibanni akka isarrature in baran, inni gara aangootti dhufaa akka jirus in baran.

Suraa dhugaan Waldaa baa har'aa, Ishee Sagalichaan dhaabachuufjirtu dha! Ishee mul'achuuf deemaa akka jirtu in beekna. Inni guyyaa tokkoaangootti dhufuuf akka jiru in beekan. Saa'ol…iyyuu…Inni tiksituu ta'eeguutummaa biyyaa keessa kan jooru ture, guyyaa tokko akka inni aangootti dhufugaruu isaan in beeku turan. Nuyis immooakkasuma akka Inni guyyaa tokko gara aangootti dhufu in beekna, kanaafis gatiikamuu haa kaffalchiisu malee Sagalicha fudhannee achuma in dhaabanna.Filisxeemota kukkuutuu qabna, yookiis boolla leencaatti utaallee leencaajjeessuu qabna, inni godhe sana gochuu qabna, waan fedhe iyyuu haa ta'uudeemuu qabna, sababiin isaa inni…akkataa Waaqayyo itti kalaqe dha. Nuyi amalabarbaanna.

52 Amma tarii, “Waaqayyo maaliif akkasitti akka wixinamtuufisheedhaaf eyyame?” jettanii na gaafachuu dandeessu ta'a. Yeroo dheeraa ittifudhachuu hin danda'u, sababiin isaa waanan jechuu qabu baay'een of harkaa qabawaan ta'eef. Gaaffiin, “Maaliif, Waaqayyo maaliif dubartii akkasitti uume?Akkas akka isheen taatuuf Inni maaliif isheedhaaf eyyame?” jedhu ka'uu danda'a.Inni kun egaa jaalala (good pleaure) Isaa ture. Dhuguma.

Amma yoo Macaafa Qulqulluu banachuu barbaaddan, daqiiqaa muraasaafmee Isarraa haa ilaallu. Mee Roomaa boqonnaa 9 baafadhaa, daqiiqaa muraasaafwaa'ee waan kanaa waanan isinitti agarsiisutu jiraa, Waaqayyo attamittiwantoota kana akka hojjetu in ilaalla. Waaqayyo akka jaalala isaatti maal akkagodhu ilaaluu dandeenya. Roomaa 9:14 irraa haa jalqbnu.

Egaa maal jennaa ree? Karaa Waaqayyoo loogatu jira jenna moo ree?...

Yeroon Inni itti Esaawuu fo'ate, yookiis yeroon Inni Yaaqoobinfo'atee Esaawuu itti jibbe, yeroo ijoolleen lamaanuu mirga filatamuu ittiqabaatan duratti ture, yeros lamaan isaanii iyyuu hin turre; utuu isaan hindhalatin dura, utuma isaan gadameessa haadhaa keessa jiranii Waaqayyo, “AnEsaawuu nan jibbe, Yaaqoobiin Nan jaalladhe” jedhe. Hubattanii? Maaliif?

Inni Museedhaan, “Namuma ani araaragodhuufii barbaaduuf araara nan godhaaf, namuma ani garaa laafuufiibarbaaduufis garaa nan laafa” jedha.

Kanaafis kun akka araara Waaqayyoottimalee, akka jaalala yookiis dhama'a namaatti miti.

Caaffanni qulqullaa'aan Fara'oniin, “Animaqaan koo lafa hundumaa irratti akka labsamutti, humna koo si irrattiargisiisuudhaafan ol si kaase” jedha.

Egaa inni…(amma sirriitti hubadhaa)…namabarbaaduuf araara in godha, nama barbaadus mata-jabeessa in godha.

Kana irratti ati, “Yoos immoo Waaqayyoattamitti balleessaa nama irraa argata ree? Jaalala isaatiinis eenyutu mormuudanda'a ree?” anaan in jetta.

Garuu nama nana! Kana Waaqayyottideebisuudhaaf, ati eenyu? Wanti harka namaatiin hojjetame tokko isa hojjeteen,“Maaliif akkasitti na hojjette?” in jedhaanii?

Namni suphee dha'u tokko, suphee kutaatokko irraa, qodaa mana taa'uuf qodaa lagootti itti hojjetamu dha'uudhaaf abooqaba mitii ree?

Waaqayyo inni dheekkamsa isaa argisiisuu,humna isaa beeksisuu barbaade, warra akka qodaa dheekkamsaa ta'anii badiisaafqophaa'an kanaaf; baay'ee obsuu danda'eera yoo ta'e immoo maal ta'inna laataree?

Akkasumas badhaadhummaa ulfina isaa,namoota akka qodaa araaraa ta'an warra inni duraan dursee ulfinaaf qopheesseirratti, mul'isuudhaaf godheera yoo ta'eo?

53 Amma yeroo xiqqoo isa kana in ilaalla. Waaqoyyotu akkas godhe.Achitti ta'uutu irra eegama ture. Amma daqiiqaa shaniif sirriittidhaggeeffadhaa, qalbii keessan waan ta'e tokkotti akka hiitanin barbaada.

Waaqayyo maali? Waaqayyo guddaa Bara Baraa ti. Jalqbatti,jaqabumti iyyuu utuu hin ta'in dura, Inni Waaqayyo hin turre. Kana beektuu? Waaqayyo, “mi'a (object) waaqeffannaati,” kana Isa waaqessu immoo homtuu hin jiru ture. Inni kophaa Isaa jiraataature.

Isa keessa immoo amalootatu (attributes) ture. Amalli (attribute)maali? Yaada. Amma wanta barumsa keenya galgala har'aatiin daangeffamu tokko inargattu. Qalbeeffadhaa, Inni yaadota Isa keessa turan Of keessaa qaba ture.Egaa Abbaa ta'uun Isa keessa ture, Waaqayyo ta'uun Isa keessa ture, Ilma ta'uunIsa keessa ture, Oolchaa ta'uun Isa keessa ture, Fayyisaa ta'uun Isa keessa ture.Wantoonni kunneen hunduu immoo amaloota Isaa kan mul'isani dha. Wanti tooraaala ta'e tokko iyyuu hin jiru. Waaqayyo jalqabaa hanga dhumaatti hin arginejettanii yaadduu? Dhugaadhumatti, Inni argeera. Wanti tokko illee

toora isaagadi hin dhiifne, amaloota Isaa calaqqisisaa jira.

54 Egaa amma, Inni namni akka kufu godhee qajeelaa ta'uu hin danda'u.Filannoo ofii isaatii gochuu akka inni danda'utti hundee qixa ittigaafatamummaa dudhaa (free moral agency) tokko irra kaa'uutu Isa irra jirature, sababiin isaa akka inni kufu waan beekuuf.

Amma, wanti tokko yoo bade malee Oolchaa ta'uu hin dandau. Wantita'e tokko yoo dhukkubsate malee, Inni Fayyisaa ta'uu hin danda'u. Wantoonnikunneen akkaataa sana ta'uutu irra jira ture. Waaqayyo amaloonni Isaagurguddoon akka mul'ataniif akkas godhe. Utuu akkas…Silaa Inni gonkumaa Oolchaahin ta'u ture. Garuu Inni akkas akka ture, yeroon utuu hin uumamun dura iyyuuInni Oolchaa akka ta'e in beekna. Inni Oolchaa ture, kanaafuu wanti ta'e tokkobaduu qaba jechuu dha. Kun attamitti ta'uuf deema?

Inni oolchuuf jedhee calliseedhuma fuudhee yoo gate, firdiin Isaaqajeelaa hin ta'u. Inni nama qileetti darbatee qajeelaa ta'uu hin danda'u. Innigarraamiidha, Oo'a qabeessa, dhugaa dha, amanamaa dha, Inni Abbaa Fridii guddaadha. Hubadhaa, sana yoo godhe waan Ofii Isaa faallessu godhaa jira jechuu dha.

Kanaafuu Inni nama alatti baasee free moral agency irra isa kaa'e,kanaanis…inni akka kufu waan beekuuf. Namni fakkaattii Isaa ta'e attamittikufa? Amma ifa guyyaa argaa jirtuu? Kanaafis inni waan lammaffaa (byproduct)uumuutu irra jira ture, waan ta'e tokko uumama isa jalqabaa irraa uume! Amma hubattaniittu.Hin hubannee? Isin achii dhuftan. Hubattanii? Yeroo sana egaa kufaatiin kandhufe. Akka inni kufu utuu beekuu isa uume. Innis qodaa lagootti itti hojjetamu(a vessel of dishonor) ta'ee harka Seexanaa keessa bu'e. Har'a ulfinni eessajira? Kana irratti yaadaa mee. Amma sirriitti caqasaa.

55 Egaa ammas, isheen maaliif akka dhalaa kan biraa utuu hin ta'in,akkasitti maaliif wixinamte, dhalaa biraan hoo akkas mitii, dubartiin maaliifakkasitti wixinamte? Dhalaa kan biraan akkasitti wixinamte tokko iyyuu hinjirtu. Har'a isaan akkas miti. Isaan hin danda'an. Akka sanattuu hin uumamne, isheen hindandeessu. Inni maaliif dhaltuu ishee kana, dubartii akka dhaalaa warra kaaniidaa'ima ishee duwwaa akka godhattuttu maaliif hin uumne? Utuu akkas ta'eerata'ee, silaa abbaa manaa in qabaattii, callistee isaa wajjin in jiraattii,yeroo mucaa godhattu duwwaa in gooti turte. Inni maaliif akkasitti ishee uume?

Egaa, jechoota kanneen dubbachuu hin danda'u, waa'ee maalii akkadubbachaa jirus immoo in hubattu, hin hubattanii? Hubachuu dandeessu yoo ta'e,“Ameen” jedhaa. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Eeyyee. Hubattanii? Ijoolleen durbaa fi ijoolleendhiiraa as keessa taa'aa jirantu jiru, hubadhaa. Garuu beektan, bineensidhalaan waggaa keessaa yeroo murtoofte tokkotti korma bira deemtee quunnamti,sanumaan ishee ga'a. Dubartiin garuu, yeroo kamittuu in hawwiti. Inni maaliifakkas ishee godhe?

56 Amma sagantaa Isaa isa guddaa ifatti ba'e ilaalaa, amma kunoo isawaliin ilaalaa keessa baana waan ta'eef, inni dhibbaa dhibbatti dhugaa dha.Hama gaafa guyyaa ta'e tokkootti an isa hin beekun ture.

Inni jalqabatti maaliifakka dhalaa warra kaanii hundumaatti ishee hin uumne? Sababiin isaa inni Isaafkan walii hin galle ta'uuf jira waan ta'eef. Inni Burqaa qulqullummaa (purity)hundumaa ti. Sababiin Inni Seexanni akka ishee qabee jal'ina irratti hojjetugodheef kanaafi. Uumamni akkasii Isaa wajjin kan walii hin galle in ta'a, innijalqabuma kanaaf uumame.

Hojiwwan Isaa warri Inni jalqabatti wixine itii fufiinsaan jiru.Hojiin Isaa warri jalqabaa hunduu itti fufiinsaan jiru. Saree korma sareedhaltuu; argitanii, sa'a dhalaa, sa'a korma; wanti hunduu itti fufiinsaan jira.Sanyiin in du'a, biyyoo keessa in lixa; akkuma du'uu, awwaalamuu fi du'aa ka'uuti. Biqilaan baalaan wal horu (sap) baala isaa in harcaafata, inni harca'esyeroo itti aanuttu baala haaraa baafatee in ka'a. Maal akka jechuu barbaadehubattanii? Wanti hundunuu, uumamni Waaqayyoo hunduu itti fufiinsa keessa jiru.Egaa kunoo tokko itti fufiinsa Waaqayyo wixine keessaa ala jira. Uumamniakkataa cubbuu gochuu hin dandeenyetti wixiname. Yaadaa mee! Uumamni Waaqayyooinni jalqabaa cubbuu gochuu hin dandeenye.

Oh, jal'ina waldaa ija keessan dura jiru kana amma hin argitanii?Inni jalqabaa (original) Dubbii Waaqayyoo ti. Cubbuun Waaqayyo keessa hin jiru.Maal akkan jedhu hubattanii? Kun uumama karaa jal'inaa argame dha. WaaqayyoWaldaa tokko qabaachuuf deemaa jira, garuu wanta jal'aa bakkee kana keessaaisaan qaban ilaalaa mee.

Waaqayyo dhiiraa fi dhalaa qaba. Garuu, dubartiin kun…Hubadhaa,mallattoon inni jalqaba garsiisu, waan sammuu Waaqayyoo keessa ture dha. Utuusa'aatii tokko yookiis lama fudhannee, waan kana silaa bulleessinee ilaallaturre. Inni uumama sana uumee Seexanni akka ishee qabatuuf (ahold) irraagalagale, innis in godhe. Inni amma iyyuu ishee qabatee jira. Isheen garaFannootti utuu baqattee isheedhaaf wayya, dhiirris akkasuma.

57 Qalbeeffadhaa, uumamnihunduu itti fifiinsaan adeemaa jira. Inni utuu akkuma warra kaanii dubartiiuumama jalqabaa keessatti uumeera ta'ee, silaa cubbuun hin jiraatu ture,sababiin isaa silaa cubbuu hin hojjettu turte, silaa cubbuu hojjechuu hindandeessu turte. Ishee uumama isa jalqabaa irraa kan maqxe (perversion) dha.

Cubbuun hunduus akkauma Dhugaa jalqabaa maqe dha. Sobni maali? SobniDhugaa jal'ifame dha. Ajjummaan maali? Gochaa sirrii irraa jal'ifame dha.Kanaafis uumama ja'aatu jira; wati hunduu jal'aa ta'ee jira. Wanti hunduuscubbuu jedhamee katabamee achi taa'ee jira. Kanaaf gaafiin isaa baay'ee guddaata'e.

Waan cittuu tokkotu, waan qunxuraa tokkotu isa ittiin nama irraa uumamee,innis ittiin gowwomfame; Waaqayyo akkas godhe, innis kunoo asittimirkanaa'eera. Isheen waan kanaaf uumamte.

Wanti lafa kana irratti tuffatuun, gad aantuun jirti jedhamtu,dubartii sagagaltuu (immoral woman) dha. Isin giiftoliin ijoolleen durbaa,dhiifama naaf godhaa, kanaaf. Isheen homaa iyyuu miti qodaa kosii namaa (ahuman garbage can) ti malee, soqolattuu! (a sex exposal!). Isheen kana hundumaa ti, dubartii ejjituunqodaa kosii namaa ti, faalamni, iddoon xuraa'ummaan, xurii, wanti gadheen,xuriin xurii gadii ishee keessaa ba'a. Isheen maaliif akka sitti uumamte?Gowwomsaadhaaf. Cubbuun lafa kanarra ture hunduu sabab dubartiitiin dhufe.

Xiinxalaan tokko Chikaagoorraa, hima kana kan barreessite dubartiidha, isheen humna poolisii ti, “Guutummaa Yuunaayitid Isteetii keessattiyakkamtoota qabaman keessatti, yakka raawwatamu hundumaa keessatti dhibbeentaa98 dubartoonni keessa jiru, yookiis duuba yakkichaa jiru” jedha barreeffamichi.

Egaa kanuma jechuudhaanan, gara xumuraatti dhufuuf waan tokkondubbadha, achumaanis rakkinichi maal akka ta'e hubachuu akka dandeessaniif.

58 Isheen gowwomsuuf uumamte, akkuma jalqabatti Addaam irrattiraawwatte, sossobdee Dubbii Waaqayyoo irraa isa kaachisuuf, iji mukichaa gaariiakka ta'e isatti himte. Akkaataan waldaa bara har'aas akkuma kana.

Yeroo sanatti garuu,sana booda, ishee hoogganuuf ishee irratti aboo in qabaate.

Egaa amma bara kana keessatti, bara ciniinsuu kana keessatti wantakana irraa adda ta'etu ta'aa jira. Iddoo inni hoogganaa ishee ta'uu, isheetuwaaqasaa ta'aa jira. Dhuguma. Isheetu isa bulchaa jira. Tarii amma wantanrikutaa jiru kana sirriitti in hubattu ta'a. Miidhaginaa fi fedha saalaaisheetiin to'achuudhaan, boca Seexanaan isheedhaaf kenname sanaan, uumamalammataa Seexanni ishee godheen, ilmaan Waaqayyoo sossobuuf ergamte. MeeshaaSeexanni qabu keessaa hundumaa caalaa dhiirota gara qileetti oofuu kandandeessu ishee dha. Kun dhugaadhumatti sirrii dha.

Amma waa'ee warra sagaagaltootaan dubbachaa jira, malee waa'eekeessan miti, obboleettiwwan koo. Iddoo keessan isiniif laanna, daqiiqaamuraasa booda, Sagalee Waaqayyoo keessaa iddoo sirrii isiniif malu isiniiflaanna.

59 Egaa har'a kana gochuuf…waaqayyo Yuunaayitid Isteet maali? Manaqulqullummaa keessatti waggaa darbe waa'ee kanaa irratti lallabeera inyaadattuu? Waaqayyichi bara si'anaa? Ijoollee durbaa tokko meekaappiin faayamtee,wayyaan ishee hamma jilbaattii irraa ol soqolamee, wantoonni kana boroonittiitti godhee achi teessifamtee jirti. Anis, “Ilaa waaqayyo keessan” nan jedhe.Innis sirrii dha. Isheen gar tokkeen qullaa taatee beeksisa hundumaa irrajirti; qullaadhuma sanaan karaarras deemaa jirti.

Isheen mi'a Seexanaa ti. “Jalqabatti,” jedhe Yesus. Hubattanii? Ammas akkasuma akka ta'e in hubanna, akkasuma,“Jalqbatti,” jedhee wanti Inni dubbachuu barbaade kana akka ta'e in hubanna.

Egaa, warri Waaqayyoon hin beekne waaqayyo ishee gochuu barbaadan.Kana akka ta'e beektuu, waaqayyittii? Dhuguma akkas ishee godhan. Isheenwaaqayyittii ishee godhan, sababiin isaa waaqeffannaa isaanii keessa gochaasaala quunnamtii waan godhaniif. Isaan, “Isheen uumaa dha. Gadameessa isheekeesatti sanyii uumtee baatte” jedhu. Sun soba. Uumaan tokko duwwaatu jira,innis Waaqayyo dha. Garuu Phaawulos iddoo sanatti in yaadattuu? Diyaanaa isheeEfesoon bifa dhagaa sanaan, “Waaqayyittii waaqarraa gadi buute” ittiin jedhan.Warri Waaqayyoon hin beekne maal akka waaqeffatan hin argitanii?

Nuyis, utuu hin beekin, kallattiidhuumaan waaqeffannaa warraWaaqayyoon hin beeknee (heathens) tti, dubartii, uumama hundumaa keessaa gadaantuu kan taate dubartii waaqessuutti deebine. Dubartii waaqessuu! Isheenkaraa barbaadde hundumaan dhiira karaa irraa in kaachifti. Bakkeen ishee hunduumiidhagaa, keessa ishee immoo iddoon lafa jalaa akka jiru isatti hin beekamu.Solomoon, “Karaa iddoo lafa jalaa geessu mana ishee keessa in ba'a” jedhe

60 Amma addanatti waa'ee Mul'ata boqonnaa 2 lakkoofsa 15, waa'ee isaYesus barsiisa Niqolaawotaa dubbate ifatti in ilaalla. Inni waa'ee isawaldattiin Sagalicha irraa achi of dhiibaa jirtu dha.

Akkuma kana asittis, isaan baalagoota, hamoota, sagantaa xuraa'ootelevizhiinii irraa qabnu kanneen, giiftota saalquunnamtii (sex queens)Hooliiwuud ifatti ilaaluu dandeenya. Xuraa'ummaa magaalaa arguu dandeenya,ijoolleen kunneen, ijoollee durbaa xixinnoon wayyaa gaggabaabduu, wayyaa dhagnaisaaniitti maccanu uffatinni of dhodhommoqsaa, yeroo qorri kottonneessee isaanajjeesutti karaarra oliif gad yaa'u.

Akka Seexanni akkas isaan godhaa jiruisaan hin beekan. Isaan hafuura hamaadhaan guutamanii jiru, kanas ofirratti hinbeekan! Saree dhaltuun utuu kana gootuu hin argitan, in argituu? Dhaltuu kanbiraa kana gootu tokko illee hin argitan, korma akkasitti bifa kanaan isheebira dhqus hin jiru.

61 Hubattanii? Suuricha argitanii? Yoo fedha Gooftaa ta'e, yerooxiqqoo keessatti waan ta'een wal isin barsiifna.

Amma Niqolaawota inargitu, barsiisa isaanii in argitu.

Giiftolii saafelaa warra isaan jedhanii waaman ilaalaa, warraqullaa karaarra sirbaa (striptease) yaa'an ilaalaa. Isaan agarsiisaabaalagoomaaf godhamu, kan saalquunnamtiif nama kakaasu agarisaa turan. Amma ijakee banii karaarra ilaali, amma wanti ati gochuu dandessu sana duwwaa dha.Wanti hunduu qullaa sirba. Dhuguma. Isaan maaliif qullaa sirbu? Namagojomaasisuuf, nama qoruuf; sababiin tokkichi isheen kana gootuuf kanaduwwaadhaafi. Isheen xurooftuu waan taateef kana gotu. Isheen xuraa'ummaattiwaan uumamteef kana gooti. Isheen mi'a harka Seexanaa keessa jiru akka taate hinbeektu, garuu isheen mi'icha.

Har'a mana barumsaa keenya keessatti iyyuu, akkataa wal quunnamtiisaalaa barsiisaa jiru. Addunyaan keenya dubartii waaqessuun bososte! Kanaamanuu akka isaan hin barbaanne nan beeka. Guyyaa tokko ka'anii irra deddeebiiwayii in faarfatu, waan kan biraas akkasuma in godhu; gaaf kaan immoo ba'aniihalkan guutuu dubartii wajjin fiigaa bulu. Hubattanii? Ba'eessa. IlaalachaWaaqayyoo keessatti, ija Sagalichaa keessatti bineensota Waaqayyo lafarrattiuume keessaa isheen gad aantuu dha. Akeekkadhaa!

62 Sababa kanaaf Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa akka isheen hinbarsiifne dhowwe. Kun sirrii dha. Xiwotewos Isa Duraa 2:9-15, “Dubartiingabiitti haa jiraattu nan jedha malee, haa barsiiftu, dhiira irrattis abooqabaattu hin jedhu.” Hubattanii? AkkasumasQorontos Isa Duraa 14:34, “Dubartoonni keessan wal ga'ii waldoota Kristaanaakeessatti hin dubbatin. Dubbachuun isaaniif hin ta'u; akkuma seerri jedhuttihaa abboomaman.” Har'a garuu waldaan maal gochaa jirti? Yeroo MacaafniQulqulluun guutumaan guututti dhowwutti, isaan immoo paasterii, hojjetaawangeelaa ishee gochaa jiru. Macaafni Qulqulluun, “akkuma Seerri jedhu,”jechuudhaan akkuma kanaan dura turetti wanti hunduu akka itti fufuu qabudubbata.

Akkuma waa'ee Hoolichaa isan galgala kaleessaa irratti dubbadheeti. Iddoon waaqeffaannaa tokkichi, Dhiiga Hoolicha dhangala'ee jalatti. Inniiddoo tokkicha bara har'aa ti, Kristos keessi. Karaan tokkichi ittiin kanagochuu dandeessan, Isa keessa dhufuudhaani. Inni iddoo waaqeffannaa tokkichasana. Yeroo hundumaa akka sana ture. Karaan tokkichi ittiin waaqeffachuundanda'amu Dhiiga dibame jalatti.

63 Kanaafis amma fakkaattiin isaa hunduu ifatti baafamee nuttimul'ifamaa jiraachuu argina. Isheen Isa keessatti caqafamteetti. KanaafWaaqayyo waldaa keessatti akka hin barsiifne ishee dhowwa, waan kam illeewaldaa keessatti akka hin goone, callistee aguuggattee haa teessu malee jedha.

Egaa amma obboleessaa, obboleettii wantootan dubbadhee fi wantootangodhe hundumaa laphee koorraa beekaa akkan godhe hubachuu dandeessuu?Obboleettiwwan koo, nan beeka, an… isin iddoo keessan in argattu (daqiqaamuraasa keessatti), akkasumas amala dinqisiisaa Waaqayyo isin keessatti qaru.“Jalqaba irratt,” isa isin irraa dhuftan isin hubachiisuuf jedheen, gama kanbiraa dubbachaa ture. Isa bara ga'uuf, “gara jalqabaatti deebi'aa” jedhee Yesusnutti dubbate. Innis wanta nuyi amma gochaa jirru dha.

Amma qabxii gurguddaa baay'ee tuquutu narra ture, garuuhubattaniittu jedheen abdadha. Namoonni teeppii kaana dhaggeeffanis in hubattujedheen abdadha. Duubatti deebi'aa. Inni Yesus, “Duubatti deebi'aatii, jalqabairraa qoradhaa” jedhuu Isaa agariisuu qofa.

64 Wanti hunduu gara jalqabaatti indeebi'a.

Har'a maaliif namoonni jibbituu dubartii naan jedhan hubachuudandeessu. Sun Dhugaa irraa kan fagaate dha. An dubartii hin jibbu. Isaananaan, “Jibbituu dubartii” jedhanii na waamu. Yaadadhaa, isaan Phaawulosiinjibbituu dubartii ittiin jedhan. Dubartii tajaajiltuun tokko dhi'eenyuma kana,“Oh, ati akkuma Phaawulos durii ti, hojiin isaa nu dubartoota arrabsuu duwwaature” jette.

Qulqulluu Waaqayyoo, nama Macaafa Qulqulluu Kakuu Haaraa akkabarreessuuf eyyamameef Dubbii isaa mormitaa? Dubartoota lallaban iyyuudhiisaatii, “Ergamaan waaqa irraa Wangeela isan isinitti lallabettii kan gargarta'e yoo isinitti lallabe abaaramaa haa ta'u” jedheera.

Isaan Eliyaasiin jibbituu dubartii ti jedhan. Inni nama dubartiidhugaa jibbu hin turre. Inni warra Iizaabeloota sana jibbe.

Sun erga akka ta'ee, Waaqayyo akkuma sana ta'uu qaba, sababiinisaa Inni Sagalee gara raajotaa dhufu dha waan ta'eef. Kanaafuu inni Waaqayyota'uu qaba, akkaataadhuma sanaan. Kanafuu hubadhaa, Inni uumama isa jalqabaajalqabuma irraa kaasee beeka. Inni, “Jalqabatti,” jedhe. Isaan raajota

warraSagalichi gara isaanii dhufu turan.

65 Inni dhiiraaf ishee uume malee dhiira isheedhaaf hin uumne.Dubartiitu dhiiraaf uumame malee dhiirri dubartiidhaaf akka hin uumamenbeektuu? Nama meeqatu beeka kana? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] MacaafniQulqulluun sana barsiisa. Ba'eessa. Kufaatiin dura iddoo dhiiraa wajjin wal qixauumama hundumaa irratti aboo qabdi turte. Kufaatiidhaan booda garuu-mata dureekana qabannee dhufna-kufaatiidhaan booda garuu inni hoogganaa ishee ta'e. Ammaerga uumamni inni jalqabaa xumuramee, isheen waan kamiinuu cal jedhuun dirqamata'e.

Yesus, “Jalqabatti akkas hin turre” jedhe. Inni yummuu yeroonlakkaa'amuu itti jalqabe, yeroo Waaqayyoo talqaba (first) uumama isa jalqbaauume dha. Kana kan hubattan hunduu ammas, “Ameen” jedhaa. [Amantoonni, “Ameen”jedhan.] Jalqabatti Waaqayyoo dhiira tokkoo fi dhalaa tokko uume. Garuu yeroosanatti dubartiin gowwomsaadhaaf dhalaa hundumaa irraa adda taatee uumamte.Amma sirriitti qalbeeffadhaa, “Jalqabatti akkas hin turre.” Isheen utuu uumamajalqabaa keessa turteetti (stayed) ta'ee, silaa kufaatiin hin ta'u ture. Isheengaruu kufaatii fi jeeqama cabuu itti fufiinsa Waaqayyo ka'eef sabab taate, akkasumasdu'a, gaddaa fi waantoota kan biroo lafaatti buufte. Isheen akkastii uumamte.

66 Amma yaadadhaa, jababaan garasitti, jalqbaan dubbatti, yeroon utuuhin jalqabin dura, isaan duratti Bara Bara tu ture. Qalbeeffadhaa, kufaatiinsun Hewaaniin erga dhufee booda, kufaatiidhaan booda, kakuu kan biraaraawwachuutu barbaachise. Egaa amma kun isin mufachiisuu danda'a, garuu kunDhugaa akka ta'e Caaffata Qulqulla'aa keessaa isiniifan mirkaneessa. Amma egaakufaatii booda qalbeeffadhaa, Yesus, “Waaqayyo, jalqabatti wal qixa godheeuume” jedhe, amma garuu, kufaatiin booda-amma, kufatiidhaan dura kakuu waliiniiqabu ture- amma garuu kufaatiidhaan booda, kakuu kan biraatu godhame. Amma,isheen kana booda isaa wajjin bulchuu hin dandeenye. Tokkoo tokkoon lamaanisaanii kakuu garaa garaa qabaachuutu irra ture.

67 Mee kun sirrii akka ta'e haa ilaallu. Mee Seera Uumamaa boqonnaa 3fudhannee kun sirrii akka ta'e haa ilaallu, akkuma kana ilaalaa deemnuun, sababiinisaa yaada sirrii ta'e qabaannee wanti barsiifamaa ture guutumaan guutuuttidhugaa ta'uu…Tarii amma yeroo xiqqoo waan qabnuuf gara xumuruutti dhi'aanneerra,waa'ee mata duree kanaa, waa'ee gaa'ela dhaabuu fi gaaa'ela diiguu kanaa garaxumuraatti dhufaa jirra. Egaa amma Seera Uumamaa bonnaa 3 lakkoofsa 16 haailaallu. Mee lakkoofsa 14 irraa kaafnee haa dubbifannu.

WaaqayyoGooftaan bofichaan, (egaa amma Inni isa abaaruuf jedha), “Kana waan gooteef, ati horii hundumaa,bineensa bakkee hundumaa keessaas abaaramaa in taata; ati garaa keetiin lafarrain loota, bara jireenya kee hundumaatti biyyoo in nyaatta.

Anisii fi dubartittii gidduu, sanyii ishee fi sanyii kee gidduus diinummaa nanbuusa; inni mataa kee in buruqsa (Abdii ishee ishee furuudhaaf, “Masihiinkaraa dubartii dhufuu” ti), atis koomeeisaa in iddita“ jedhe.

Dubartittiidhaanimmoo…

Amma ilaalaa, amma bofichaa wajjin kakuutu jira. Kana jechuun,kanaan dura, jalqaba irratti, yokkis jalqabaan duratti isaan nagaa turan.

Dubartittiidhaanimmoo, “Yeroo ati ulfooftutti rakkina kee ani guddaa nan baay'isa;ciniinsuudhaanis mucaa in deessa, kana keessaa immoo abbaa manaa kee in hawwita,inni aboo si irratti in qabaata” jedhe. Kana booda raawwatanii wal qixa(co-equal) hin taatan.

Yeroo amma immoo isheen of irra deebiteetti, isheen aboodhiirarratti qabaachaa jirti.

Waaqayyo Addaamiin immoo, “Ati dubbiihaadha manaa keetii waan dhageesseef, ija mukichaa isa ani , 'Hin nyaatinaa!'jedhee si abboomes waan nyaatteef, lafti sababii keetiif abaaramaa in ta'a(Addaamiin hin abaarre); atis bara jireenya kee hundumaatti itti dadhabdee isairraa in nyaatta.

Inni qoraattiidhaa fi baalaanwaraanteesiif in biqilcha, atis biqila lafaa in nyaatta

Ati biyoo dha, deebitees biyyoo in taata;ati biyyoo lafaattii waan kutamteef gara isaatti hamma deebitutti, dhamaateedafqitee buddeena in nyaatta“ jedhe.

68 Kakuu lama! Egaa amma, kanatu waan Yesus, “Jalqabatti akkas hinturre” jedhe sana gudunfa. Nuyi amma kakuu kan biraa qabna. Qalbeeffadhaa, innikakuu kan biraa ti. Egaa amma, uuma isa jalqabaa (product) fi uumama isalammaffaa (byproduct) dhaaf kakuutu jira. Qalbeeffadhaa, kufaatiin rakkinadu'a, uumama uumame hundumaa irratti fide, uumama hundumaa irrattigaraagarummaa in geessise. Egaa amma, mee waan Yesus, “Jalqabatti akkas hinturre” jedhe haa qalbeeffannu. Amma, jalqabatti akkas hin…inni amma…innijalqabaan booda. Amma kakuu dachaatu jira.

Jalqabatti kakuu tokko ture. Addaamii fi Hewaan wal qixa turan;dhiira tokko, dubartii tokko. Amma, dubartiin cubbuu hojjette, (isheen maalhojjette?), sun immoo du'a isaanitti fide, kanaafis Waaqayyo

isumaan kakuugale, kakuu kan biraa. Kakuu kan biraa Inni gale kunoo Uumama 3:16 irra jira.

69 Amma, biyyi lafaa irra deebi'ee wal horuutu dhufe, inni akkajalqabaatti uumama Waaqayyoo isa jalqabaatiin hin turre, fedha fooniitiinmalee. Egaa amma, sanatu, “jalqaba” ajjeese (takes care of the beginning), hin ajjeefnee?Jalqabatti dhiira tokko fi dhalaa tokko duwwaatu ture, dhiira tokkoo fi dhalaatokko. Garuu yeroo isheen sarara sana drbitee cubbuu fideetti, biyyi lafaafedha fooniitiin deebi'ee akka wal horu taasifame; uumuudhaan miti, fedhafooniitiin malee. Amma dubartiin eessa akka jirtu argitanii? Amma, har'a biyyilafaa akkaataa kanaan wal hora-karaa dubartii.

Sababiin Yesus karaa dubartii dhufuun irra turee kanaafi: jalqabaiddoo uumama jalqabaatti, fedha foonii malee dhalachuu iddootti deebisuuf karaadubartii dhalate. Inni dubra irraa dhalate. Garuu, haaleluyyaa, yeroon kanabooda fedhiin foonii raawwachuun hin jiraanne, yeroon Waaqayyo ijoollee isaabiyyoo lafaa keessaa waamee akka isa isaan jalqaba turaniitti diibisu in dhufa!Karaa dubarii miti, karaa suphee, koosmikii (cosmic) ifaa fi peetrooliyeemii dhandhooluudhaan(molding) malee. Inni akkuma jalqaba Addaamiin tolchee uumetti ammas deebiseein uuma. Yesus kun akka dandaa'amu godheera, Waaqayyo kanaaf nama Of godheekaraa dubartii gara biyya lafaa dhufee akka du'u of godhe. Yeroon ammaa, yeroocubbuudhaan qoramuu ti.

70 Amma, hubadhaa, jalqabaan booda wanta ta'e tokkotu labsame. Egaa wanti kun isin rifaasisuuf deema. Indadhabdanii? [Amantoonni, “Lakki” jedhan.] Yeroo muraasaaf obsaatii taa'aa.

Yeroo kakuun dachaa dhiiraa fi dubartiidhaan karaa fedha fooniiraawwatetti, guutumaan guutuuttu kakuu biraa (kaku isa jalqbaa miti, kakuu kanbiraa ti malee) ture, amma egaa maaltu labsame? Haadha manaa tokkoo olqabaachuutu (polygamy) hundumaa keessatti labsame. Jaqbaan booda, jalqabni ergadarbee, kufaatiin booda haadha manaa tokkoo ol qabaachuun namaa fi bineensotagidduutti in jalqabe.

Waaqayyoo amma uumama haaraa karaa fedha fooniitiin argamsisiise. Waaqayyo warra jalqbaa karaa fedha fooniitiin ala isaan uume. Sana in amantuu?Ammi uumamaa wajjin kakuu biraa ti; Inni karaa fedha fooniitiin toora kan biraalafa qabsiise. Kakuu lammaffaa: Dhiira tokko, dhalaa baay'ee; korma diiriitokko, hoomaa diirii dhaltuu (sirrii mitii?); Kurma sangaa tokko, sa'a dhaltii dallaaguutuu; kormaa indaaqqoo tokko, indaaqqoo dhaltuu qooxii guutuu (sirrii mitii?);Daawit tokko, jaalala isaatiin dubartoota dhibba shan qaba ture, waggaa tokkokeessatti dubartoota garaa garaa irraa ijoollee dhibba tokko dhalche, inni namaakka garaa Waaqayyoo ture; Solomoon tokko, haadholiin manaa isaa kuma tokko.Garuu qalbeeffadhaa, jalqabatti akkas hin turre! Yeroon kun garuu, jalqabaanbooda. Egaa dubatiin kana gootee, sana booda waan amma taate kana ta'uuttudhufte. Hubattanii?

71 Daawit, inni mootiin Kristos bakka bu'e! Kana sammuu keessanittiqabadhaa. Daawit Kristos bakka bu'e. Kana in amantuu? [Amantoonni, “Ameen”jedhan.] Kristos teessoo isaa irra taa'uuf jira. Daawit, namni akka garaaWaaqayyoo, haadha manaa dhibba shan qaba ture. Waanan jechaa jiru hubattanii? Daawit haadha manaa dhibba shan, solomaanimmoo haadha manaa kuma tokko qaba ture; Salamoon immoo karaa foonii ilamaDaawit, kana jechuun inni karaa Yesus Kristos, ilma Daawit bakka bu'a. Sunjireeny fedha fooniiti; kun garuu jireenya hafuuraa uumamuuf jirudha, kanuumamu (created). Jalqabatti akkataa kanaan ture, amma jireenya nuyi jiraannukeessatti garuu akkas miti.

Qalbeeffadhaa! Kana lafa hin buusinaa, keessa laphee keessaniikaa'adhaa malee. Dubartoota sana keessaa tokko illee abbaa manaa dabalataatokkuma illee qabaachuu hin dandeessu turte. Inni uumama jalqabaa (originalcreation) dha, isheen miti. Dubartoota sana keessaa tokko ilee abbaa amanaadabalataa qabaachuu hin dandeessu turte, abbaa manaa innumti tokkichi sun garuuhaadha manaa kuma qabaachuu danda'a ture. Innis ISA GOOFTAAN DUBBATE dha. InnisMacaafa Qulqulluu ti. Egaa amma, duubatti deebi'een jira, yeroo koo ittifudheen iddoo inni itti jalqabe, waan Yesus dubbate isin argisiise. Ammasirriitti hubattanii? Isaan hamma fedhe baay'atanii…

72 Ati, “Oh, sun Israa'elotaaf” in jetta. Akkasii?

Yeroo Abrahaam Saaraa biyya Filisxeemotaatti gadi buusetti, mootiiAbiimelek jedhamu tokkotu dachaa sana ture. Yeroo sanatti Saaraan nama waggaadhibbaa kan turte yoo ta'u, ijoollee durbaattii deebitee miidhagduu taate. Kanabeektuu isin? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Ba'eessa. Abiimelekis haadha manaaishee godhuu barbaade. Kana irratti Ergaa koo in yaadattuu? Abiimelek isheefuudhee haadha manaa godhachuu barbaade. Tarii haadha manoota (harem) qabata'a. Garuu isheen Abrahaamitti heerumteetti yoo ta'e ishee fuuchuu hin danda'uture. Kanaaf Abrahaam Saaraadhaan, “Inni obboleessa kooti isaan jedhi, sababiinisaa inni si fuudhuuf jedhee na ajjeesa waan ta'eef” isheedhaan jedhe. Innimaaliif Abrahamiin biyya sanaa ari'ee baasee haadha manaa isaa fudhatee hindeemne? Seerri warra amantootaa duwwaadhaaf hin turre, nama jedhamee kan uumamehundumaaf ture malee. Cubbaas ta'i qulqulluu, itti gaafatamata, namani gochootakanaa itti gaafatama. Mootii Waaqayyoon hin beekne (heathen) tokkotu ture.Seenaa kana nama meeqatu beeka? Macaafa Qulqulluu keessaa, naannoo Uumamaboqonnaa 16ffaa irra jira natti fakkaata.

73 Hubadhaa, Abiimelek ishee fuudhee haadha manaa godhachuuf ture. IntalaIbrootaa haaraa kanaaf of qopheesse. Innis, “Kun…kooti” jedhe. Isheen, “Inniobboleessa kooti” jette.

Inni, “Isheenobboleettii koo ti” jedhe.

Abiimelekis, “Yoos egaa ishee fuudheen haadha manaa godhadha”jedhe. Namni kana in godha jettanii yaadduu? Garuu inni kana godhe.

Halkan gaafa sanaa utuu inni rafuu Gooftaan abjuudhaan isattimul'atee, “Ati akkuma nama du'ee ti” isaan jedhe. Inni hidda dhiiga Yihudaasana eegaa jiraa hubadhaa. Inni, “Ati akka nama du'ee ti. Ati haadha manaa namabiraa fuudhuuf qophaa'aa jirta” isaan jedhe.

Inni, “Ati garaa keetti hamaa utuu hin yaadin kana akka goote Aniiyyuu beeka; kanaaf ati akka Ana hin yakkineef si dhowweera” jedhe. Sirriimitii? “Amma haadha manaa namichaa galchiif! Innoo raajii Koo dha. Inni siif inkadhata, atis in jiraatta; namichaaf yoo galchuu dhabaatte garuu, ati akkaduutu, namoonni kee hundinuus akka du'an beeki!” isaan jedhe. Ameen. Ayyanaadinqisiisaatu jira. Sirrii dha. “Namoonni kee hundinuu in du'u. ”Isheen haadhamanaa namaa ti, innis immoo Raajii Koo ti.“ Ameen. KANA GOOFTAATU DUBBATE.Innis Caaffata Qulqullaa'aa dha. Sirrii dha.

74 Amma akkuma qorree bira geechu du'a kan fide…Du'a kan fide cubbuudubartittii ti, duuti karaa dubartittii dhufe malee karaa namichaa miti.Akkataa jireenya isheen jiraattuun dhufe, duuti hunduu isheedhaan dhufe.Jireenyi karaa ishee dhufu du'a. Kana nama meeqatu beeka? Caffata kana qabachuuyoo barbaaddan Iyoob boqonnaa 14.

Kana gaafachuu yoo barbaaddan tokkoon tokkoon isaatiif kutaaMacaafaa keessaa barreessen of harkaa qaba.

Dubbifachuu yoo barbaaddan Iyoob akkas jedha, “Nama ta'ee lafairratti kan dhalate, barri isaa gabaabaa dha, rakkinni isaa immoo baay'ee dha;inni akka daraaraatti ol in ba'a, in coollagas; akka gaaddisaatti in darba, hinturus” jedha. Sirrii mitii? Hubattanii? Nama ta'ee dubarii irraa kan dhalatu,battaluma dhalatutti du'a keessatti gadi in ba'a.

Inni yummuu uumama (creation) Waaqayyoo keessatti dhalatutti,du'uu hin danda'u. Inni Muka kan biraa isa dhaabaa Eeden keessa jiru, Kristosirraa dhufe. Jireenyi Bara Baraa Mukichaan dhufa.

Ati, “Oh, isheen muka turtee?” in jetta.Eeyyee. Inni maal jedhe,“Muka kana irraa hin nyaatin,” duuba sana, Seera Uumamaa keessatti kana dubbateWaaqayyo. “Muka kana irraa hin nyaatin.”

Maaliif, dubatiin muka. Isheen muka ija godhattu dha. Isin ijahaadha keessanii ti; iji gadameessaa isini. Sun sirrii dha. Yeros MukiJireenyaa iddoo dhaabaa Eeden keessa ture Kristosi. Karaa dubartiittii duutidhufe. Karaa Namicha isa uumama jalqbaa ta'een Jireenyi dhufe. Dubatii irraadhalachuun du'a; Kristos irraa dhalachuun Jireenya. Yaada isaa argattanii?Innis iddoo-amma waaqayyittiwwan (goddesses) garam akka deeman argitaniittu,hin arginee?

Addaam inni jalqabaa fi Hewaan isheen jalqabaa, Addaam isalammaffaa fi Hewaan ishee lammaffaa bakka bu'u. Akkaataa horanii baay'achuuilaalaa. Addaamii fi Hewaan karaa fedhii foonii raawwachuutiin horanii lafaguutan, jalqabatti garuu akkas hin turre. Waaqayyo akkuma uumama warra kaanii,dhalaa took fi dhiira tokko uume. Seeraa hubadhaa, akkuma waldaa.

75 Egaa amma, Dhugaa Waaqayyoo isa bakkeetti mul'ifame kana kottaaxiqqoo achi dhiibnee haa qorree haa ilaalluu, yoo fedha keessan ta'e.[Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Tole, ba'eessa. Egaa kun amma sirriitti gadiqonnee jala isaa geenyutti, xiqqoo isin waraanuun isaa hin oolu, an garuuDhugummaa isaa isinitti agarsiisuufan deemaa jira.

Tajaajilaan haadha hiyyeessaa fuudhu hin jiru. Kana beektuu isin?Ba'eessa, Seera Lewwootaa 21:7 fi Hisqi'el 44:22 irraatti, lubni dubartii namnibiraa itti bu'e akka fuudhii hin qabne in argisiisa. Kun Misirrii Kristos Isheedurba bakka bu'a, sababiin isaa isaan Ibidda Waaqayyoo isaantu qabsiisa waanta'eef, luboonni kana in godhu, ilmaan Aarontu kana godha. Hunduma Isaadubbisuuf yeroo hin qabnu, kana goonaan waaree booda iyyuu hin asii hinbaanu,ammuma iyyuu daqiiqaa digdama duwwaa qabna. Ijoolleen Aaron Ibidda aarsaaWaaqayyoo ittiin qopheessan in qabsiisu. Kanaafis isaan dubartii namni biraaitti bu'e hin fuudhan. Waaqayyo inni hin jijjiiramne kana dubbateera. Isaandubarii biraa…dubartii namni biraa itti bu'e hin fuudhan, as irratti fakkeenyawanta dhufuuf jiruu agarsiisa, isa hubachuu yoo barbaaddan, innis WaldaanWaaqayyo isa Jiraataa Sagalee Waaqayyoo isa qulqulluu, isa makaa hin qabne dhamalee, dhaabbata amantii isa harka namaatiin qabamee jiru miti!

76 Yaadannoo, Mee kana haa dubbifannu. Kun akka isiniif galunbarbaada. Maatewos boqonnaa 5 irratti,Yesus wanta baay'ee murteessaa ta'e tokko dubbataa jira. Isa akka ilaallunbarbaada. Maatewos boqonnaa 5…koorratti barresseen ture.

Wantootan warra dhiiraatti dubbachuuf jedhu kophaatti baaseebarreessen ture, kanaafis gara

obboleettiwwaniitti darbuun dura yerooxiqqodhaaf isaanitti dubbachuun barbaada. Utuun achi hin ga'in dura…

Egaa, yaa obboleettiwwan koo, iddoo Sagaleen Waaqayyoo isin abdachiiseisin kaa'uun barbaada. Yummuu iddocha argitanittis, iddochuma keessa jiraadhaa.

Maatewos5:32. Aitti waan isin hubachiisuu barbaada, inniswaa'eedhuma tokkoo fi baay'ee kana kan deeggaru dha. Maatewos 30…Maatewos 5:32natti fakkaata, 31 irraa haa jalqabnu.

Yesusitti fufee, “Namni haadha manaa isaa baasu caaffata ittiin ishee baasu haakennuuf jedhamee himameera.

Kana kan dubbataa jiru Yesus, Isuma, “Jalqabatti,” jedhe dha. Ammailaalaa.

Anigaruu isinittan hima, yoo isheen ejjite malee namni haadha manaa isaa baasu,akka isheen ejjitu in godha; (hubattanii?)…yoo isheen ejjite malee namni haadha manaa isaa baasu, akka isheenejjitu in godha; (Maaliif? Isheen lammata in eerumti) namni dubartii gadi dhiifamte fuudhus in ejja“ jedhe.

77 Hubadhaa, isheen isheen abbaa manaa lubbuun jiru qabdi, kanaafuunamni biraa ishee fuudhuu hin danda'u. Maal akka isheen taatee fi maal akkaisheen gootu akeekkadhaa, isheen abbaa manaa jiraa qabdi. Isheedhaaf raawwateekaraansaa hin jiru. Garuu isaaf akkas miti; sababiin isaa ishee dha malee, isamiti. Isinii galee? Dubbiin ittii fufiinsaan akka deemu gochuu qabdu.Hubattanii? Inni hin danda'u wanti jechaa jiru hin jiru, isheetu hin danda'ukan jedhu malee. Hubattanii? Isheen akka ejjitu godha jedha malee, isa miti.Kun dhugaadhumatti waan Macaafni Qulqulluun dubbatu dha. “Akka isheen ejjitu ingodha.” Inni irra deebi'ee akka hin fuune jedhamee hin kaa'amne, isheef garuukaa'ameera. Maaliif? Kristostti in fakkeeffama.

Qalbeeffadhaa, Durba yoo taate irraan kan hafe, inni kan biraairra deebi'ee fuudhuu (remarry) hin danda'u. Inni irra deebi'ee fuudhuu indanda'a, durba taanaan inni lammata fuudhuu in danda'a; garuu haadha manaa namabiraa fuuchuu hin danda'u. Dhugaadhumatti, lakki. Inni dubartii abbaa manaahiikte yoo fuudhe, inni ejjummaadhaan in jiraata, eenyu iyyuu yoo ta'e dhimmakoo miti. Macaafni Qulqulluun, “Namni dubartii gadi dhiifamte fuudhuejjummaadhaan in jiraata” jedha. Isin sirrii dha, isin warra abbaa manaa hiikemiti.

Duuba deebitanii jalqba irraa kaaftanii hubattaniittuu amma?Lammata fuudhuu (remarrying)-amma hubadhaa, inni in danda'a, isheen hindandeessu. Akkuma Daawit, akkuma Solomon, akkuma itti fufiinsa guutummaaMacaafa Qulqulluu. Egaa amma, akkumaDaawitii fi warra hafan kaan hundumaa ti.

78 Amma Qorontos Isa Duraa 7:11 irra isa jiru hubadhaa, as irrattiPhaawulos dubartiin abbaa manaa isheetti gargar baate utuu hin heerumin taa'uuakka qabdu, kanaa achii immoo abbaa manaa isheetti araaramuu akka qabdu dha. Isheenlammata heerumuu hin dandeessu, diqama kophaa (single) jiraachuu qabdi. Garuuhubadhaa, inni waa'ee isa dhiiraa waan tokko illee hin jenne. Hubadhaa,Sagalicha soba gochuu hin dandeessan. “Jalqabuma irraa,” seerri fedhii fooniihaadha manaa tokkoo ol qabaachuu (the sex law by polygamy) dha. Egaa amma,Dubbiin Waaqayyoo uumama Waaqayyoo wajjin deema, itti fufiinsa (continuity)wajjin deema.

Kana irratti attamitti manni barumsaa inni tokko gara bahaatti,inni kaan immoo gara dhihaatti akka deeme hubattanii? Inni maal akka ta'e birageessanii baruuf, gara Dhugaatti deebi'uu qabdu.

Inni yeroo hundumaa akkaataa sana ture. Inni kakuu dhaabbataaWaaqayyoo wajjin ture dha. Tokkoffaa, jalqabaan duratti, jalqabatti tokkoo fitokko ture. Erga cubbuun ol seenee booda garuu, dhiira tokkoo fi dubartii durootokkotu ture. Uumama keessatti, bineensahundumaa keessatti haala sanaan adeemsifame; dhalli namaa fi uumamni foon qabubineensa. Nuyi bineesa hoosisu dha. Kana hundumti keenya in beekna. Hubattanii?Uumamni Waaqayyoo hunduu itti fufiinsaan jiru.

79 Amma garuu Mallatowwan banamaniiru, Hafuurri Dhugaa garaSagalichaatti nu qajeelcha. Innis maaliif baroota darban hundumaa keessattidogoggoroonni raawwatamaa akka turan in ibsa, sababiin isaa Mallattowwan hinbanamne ture, Kun bakkeetti baafamee hin mul'ifamne. Kun dhugaa dha.

Qalbeeffadhaa, gaadidduun akka kufu gochuu hin dandeessan. Akkuman galgala darbe waa'ee gaadidduu lafarrajiruu isinitti lallabe, inni sirriitti ifatti ba'ee mul'achuu qaba. Gaadidduunarbaa lafarratti mul'achaa dhufaa utuu jiruu attamitti, namni xinnoon wayiiarga ta'uudhaan attamitti as ba'a, yookiis arbi attamitti nama xinnoo wayiita'a?

Egaa yoo in hubattu ta'e, inni fakkeenya wanta dhugaa ti.

Amma, dhubartii dhugaan jirti. Dubartii dhugaan, isheedurbummaadhaan heerumtee abbaa manaa ishee wajjin jiraattu dha, isheen abbaamanaa isheetiif eebba! Waqayyo waan hundumaa irra caalu ilma Isaatii kennuu yoobarbaade, haadha manaa akkasii isaaf kenna.

Garuu isheen gochaasaal-quunnamtiif wixinamte. Bineensi kan biraan akkasisitti wixinamte hinjirtu; uumama lafarra jiru kan biraa keessaa kan akkasitti uumamte hin jirtu.Sababiin isin haadha manaa tokkoo ol qabaachuu argitinaf kanaafi-sababasanaatiifi. Sanatu isa fide.

80 Amma ilaalaa. Xumura xiinxala keenyaatti, ilaalaa, Yesus Kristostokkotu jira. Sirriidhaa? Nama tokko,Waaqayyo Amaanu'eel. Kana in amantuu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Miseesihaadha manoota isaa garuu danuuu dha, kuma dhibbaa fi kumaatama dhibba ta'u.Sirrii dhaa? Haati manaa Isaa, Misirrottii dha, Waldattii dha. Amma isiniifgaleeraa? [“Ameen.”]

Kanaafi egaa sababiin Inni addaamiin utuma fedha fooniiraawwachuun iyyuu hin jalqabamin dura, “Baay'adhuu lafa guuti” ittiinjedheef-yeroo inni jalqaba irra turetti, yeroo inni dhiiras dhalaas ofumaisaatii turetti! Achitti kun kan argisiisu Misirrottiin Sagalicha keessaahafuuraan baay'ifamuudhaan akka dhufuuf jirtu dha. Hubattanii? Isaan akkasittilafa in guutu.

81 Amma godha fedha foonii keessatti…Hubadhaa, warri Manneen barumsaawaan lama waliin dha'an. Kanaafuu isin kana gochuu hin dandeessan. Iddoo dhugaajalqabaatti, “Jalqabatti” isa deebisuu qabdu.

Dhumarratti tokkocha Gooftaa Yesusi fi Misirroo Isaa(danooma-baaqqee) in ta'u. isiniif galee? Daawit mootii tokkotu teessoo irrature, mootii nama akka garaa Waaqayyoo tokkotu haadha manoota isaa dhibbashanii wajjin ture! Yesus, Tessoo Isaa irra taa'aa jira, haaleluyyaa! Haadhamanoota isaa wajjin; akkuma isa jalqabaatti, du'aa ka'uudhaan, harka Waaqayyoisa Hundumaa Danda'uutiin miseensota baay'ee uume. Isin isaan keessa jirtu.

Yaa dubartootaa, sana ta'uuf qabsaa'aa. Gara Kristos keessaattikottaa, yoos xurii laaqii ala jiru sana keessa hin taatan. Miseensa waldaatokkoo ta'uudhaan garuu, ofii keessanii jireenya safeeffataa jiraachuu yaaluugonkumaa hin dandeessan. Kristosiin alatti namni tokko illee kana jireenyaakkasii jiraachuu hin danda'u. Akkuma Phaawulos jedhe, “Kristos keessattidhiira yookiis dubartii gidduu garaa garummaan hin jiru”; isaan hunduu tokko.

82 Waa'een Gaa'ela Dhaabuu fi Wal Hiikuu kun kan dhokateef akka isinisa sirrii turee fi isa sirrii hin turin beektaniifi. Inni amma isaan kanneenkeessatti fakkeenya wanta ta'uuf jiruu ifatti in argisiisa. Kristos tokko tujira; miseensi Haadha manattii immoo baay'ee dha. Qalbeeffadhaa, Inni ejjaahafuuraatii fi barsiisa sobaatiif yeroo barbaadetti nu hiikuu danda'a, isingaruu ija jabina maaliitiin kana gootu! Dhiirri haadha manaa isaa hiikee kanbiraa fuuchuu dnda'a, dubartiin garuu abbaa manaa ishee hiiktee kan biraattiheerumuu hin dandeessu. Gaadidduun wanta ta'uuf jiruu hundumaa fi wanti ta'uufjiru sun yummuu dhibbaa dhibbatti wal madaalu argitanii? Hubadhaa, uumama isajalqbaa ti; malee eessatti iyyuu uumama lammataa (byproduct) miti. Waldaa miti;Misirrottii Sagalicha keessaa ti malee. Dubatii miti; yeroo kamuu, isa dhiiraati malee. Sababiin dhiirri kana akka hin gooneef jechi ittiin mormu tokko illeehin dubbatamneef kanaafi; yeroo hundumaa dubartii dha. Kun dhugaadhumattisirrii dha.

Garuu…dhaan isheen Misirrii Kristos ta'uu in dandeessi. Akkasumasyaadadhaa, isheen dhagna namichaa ta'uudhaan, Macaafni Qulqulluun akkuma jedhuisheen…in dandessi. “Dubartiin gabiitti haa jiraattu nan jedha malee, haabarsiiftu, dhiira irratti aboo haa qabaattu hin jedhu. Addaam duraan durseetolfame, Hewaan immoo ergasii tolfamte. Addaam hin sossobamne, isheen ergasiitolfamte (by product) garuu sossobamtee, seera-cabsituu taate. Haa ta'u iyyuumalee, dubartittiin mucaa da'uudhaan in fayyiti; isheen amantiitti,qullaa'ummaattis of qabuudhaan jiraachuu yoo itti fufte in fayyiti.” Sababiin isaa,isheen yoo kana hundumaa goote qaama namichaa in taati waan ta'eef. Wanti…fiduisa kana.

83 Abrahaam maaliif…Waaqayyo maaliif yeroo achi taa'ee tirutti amanuudhabuu ishee fi is sobuu isheetiifa maaliif hin ajjeefne? Inni Nama fooniita'ee isaanii wajjin foon nyaanchaa, buddeena nayaachaa, aannan dhugaa ture. Inni,“Saaraan duuba sanaa maaliif kolfite?” jedhe. Isheen duuba Isaa dunkaana keessajirti turte, Inni raawwatee ishee hin argine, “saaraan, 'Kun attamitti ta'a'jettee maaliif kolfite?” isaan jedhe.

Isheen garuu, “Ani hin kolfine” jettee gante. Oh! Oo, yaa anaa!Fuuluma isaa duratti Waaqayyoon in sobda jettaa? Garuu Inni ishee hin ajjeefne.Maaliif? Isheen qaama Abrahaamii ti. Inni ishee miinaan Abrahaamtu miidhama!

Egaa amma, dubartoonni iddoon keessan garam akka ta'e in hubattu. MacaafniQulqulluu, isin dubartoonni akka saaraa ta'aa, isheen wayyaa akka ta'uttiuffachuudhaan of in miidhagsite, abbaa manaa isheetiif dhugaa fi amanamummaattijiraate, baay'ee isa jaallachuu irraan kan ka'e, 'gooftaa' jettee isa waamte”jedha. Gooftaa, kana jechuunis bulchaa ishee, abbaa qabeenyaa ishee, jechuudha.

84 Isin garuu, dubartoonni muraasni wayyaa xuraa'ummaa kanneenuffattanii, dhiira duratti baatu. Yesus,“Namni ija hawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti ejjeera” jedhe.Yoos egaa yakkamaan eenyu, dhiira sana moo isini? Inni dhiira, inni gochaa kanaakka godhuu danda'utti uumame. Hubattanii? Isin dubartoota silaa kan diduu isinirra ture.

Egaa amma, maaliif akkasitti uffattee bakkee baata? Qaamatti akkasitti toluuf (for comfort) miti.

Qumxaa uffattanii gar tokkeen keessan qorraancabbaa'ee du'aa utuu jirtanii, fayyummaa qaamaatiif akka hin taane isinuu nibeektu. Mijaa'ina qaamaaf ta'uu hin danda'u. Yoos maaliif ree? Xuraa'ummaadhaaf!Isin kana hin fudhattan, Garuu Macaafni Qulqulluun akkas jedha. Inni Dhugaadha. Hafuura xuraa'ummaatu isin keessa jira. Xuraa'aa ta'uu hin barbaaddan, garuu immoohafuuraan xuraa'aa akka taatan hin bartan, sababiin isaa xuraa'ummaadhaaf ofkennaa jirtu waan ta'eef.

Amma, dhirrii tokko sirbaan isaa xuraawaa, maashaaleekokottoonfataa kanaan, qullaa faariqii yoo deeme iyyuu garaa garummaa fidu hinqabu; qaamni isaa kan nama qoru miti. Maaliif? Inni uumama jalqbaatiin jirawaan ta'eef- amala jalqabaatiin jira waan ta'eef. Isin dubartoonni garuu ittiinakka qaoramaniif uumama lammaataatiin jirtu.

Araara Kee yaa Waaqayyo! Oh, yaa anaa, addunyaa cubbuun guutuukana! Yummuu isheen xumuramtuttu gammachuu nan qabaa dha.

85 Qalbeeffadhaa, Inni yeroo barabaadetti haadha manaa Isaa baasuu indanda'a, isheen garuu Isa baasuu hin dandeessu. Inni na uumuu danda'a-Inniyeroo barbaadetti awwaara keessatti na gatuu danda'a, garuu, Oo, yaa obboleessakoo, achitti Isa gatuu utuun yaaluu dhaabaadhee naaf wayya; kana gochuuyaallaan naaf dhumeera!

Solomoon dubartii hin heerimn jirtu kamuu fuuchuu danda'a ture. Innidubartii barbaade kamuu fuuchuu danda'a ture. Lubni dubartii durba taate duwwaafuuchuu danda'a ture. Solomoon…

Akkuma Daawit…fuudhe. Maqaan ishee eenyu ture? Abigaayil. Namichi“gowwaa” jedhamu tokko haadha manaa miidhagduu kan qabu in du'e. AbigaayilisDaawititti heerumte. Inni mootii ture malee luba hin turre. Hubattanii? Inniwaan kana tureef ishee fuudhe.

Lubni garuu kana gochuu hin danda'u, sababiin isaa silaa inni intuqama ture yookiis silaa dubartii duraan haadha manaa namaa turte fuudhuu isaata'a ture waan ta'eef. Sun kan agarsiisu durbumma Waldaa Yesus Kristosi. Misirrottiin Sagalicha makaa of keessaa hinqabne, jechi tokko illee iddoo tokkotti kan keessaa hin hafne ta'uu akka qabdudha. Dhugaa dha. Misirroo sirriin tokkoarmi tokko yookiss qaamni ishee tokko kan irraa murame, yookiis wanti ta'etokko kan itti hir'ate misirroo sirrii taati jettanii yaadduu? MisirroonKristos kan akkaasii ta'uuf deemti miti. Isheen hundumaan guutuu dha. IsheenSagalicha hundumaa ti, Sagaleen tokko illee iddoo kamitti illee kan irraa hafehin taatu. Lakki.

86 Qalbeeffadhaa, Inni ishee baasuu danda'a, isheen garuu Isa baasuuhin dandeessu. Inni giyyoota Luuterfaa, Wesliifaa fi Pheenxeqoostaalii keessa,yummuu isaan fedha foon hafuuraatiin qaama Isaa ta'anii qaama Sagalichaaulfaa'uu didanitti kana godhee mirkaneesseera. Hubattaniittuu? Isheen…in didde.Waldaan Luuteraan ishee wajjin fedha qabaachuuf Kristosin gante; Luuter ishee gane.Mee kana nan jedha (waan fedhe iyyuu yoo naan jedhames), bara har'aas hundumtiisaanii akkuma sana! Isaan Sagalee sana fudhachuu didan! Isaan Kristosiinfudhachuu didan!

Dubartiin tokko dhiira tokko mucaa isaa jibbinaan mirga haadhamanaa isaa ta'uu hin qabdu! Ameen. Macaafa Qulqulluu keessatti yeroo mootichiAsteriin fuudhe in yaadattuu? Sababa mootittiin diddeef, inni nama kan biraafuudhe. Yeroo…maaltu ta'e, yummuu isheen mootichaa wajjin achi ba'uu diddetti,yummuu isheen isaaf abboomamuu diddetti maaltu ta'e? Dubartii abbaa manaaisheetiif haadha manaa ta'uu didduttis akkasuma in ta'a.

87 Bara amma jiraachaa jirru kana keessattis ijoollee bara kanaagochachuuf waldaan ulfaa'uu diddu akkasuma in taati. Nuyi Luuteraanota miti,nuyi Wesiliyaanota miti, nuyi Pheenxeqoostaalotas miti! Ulfaa'uu SagaleeWaaqayyootiin Mucaa bara kanaa, Muchaa Sanyichaa godhachuudhaaf, nuyi ijoolleebara kanaa taaneerra. Ameen. Isiniif galeera jedheen abdadha. Ulfaa'uu hindandeenye, lakki. Kanaafuu Inni maal godhe? Hiikee ishee baase. Sun sirrii dha. Garuu isheen ija jabina ittiin Isa hiiktu hinqabdu. Isatu hiikee ishee baase.

Inni Sagalee Isaa ifatti baasee Dhagnichatti mul'isuu fi OfiiIsaatii qabatamaan mul'atee dubbachuu ittuma fufe. Ijoolleen Isaa itticaalchisanii Isa fakkaachuu jalqaban, sababiin isaa, isaan guutummaattibilchaataa jiru jiru, yookiis isaan ijoollee Sagalichaa ta'aa jiru waan ta'eefi;ijoollee waldichaa miti, ijoollee Sagalichaa ti malee. Misirrottiin Giiftiijaallatamtuu Sagalichaa, kan hin mudaa hin qabne, kan jaarmiyaa namnihundeesseen hin tuqamin, kan tiyoorii namtolcheetiin hin tuqamin in taati. IsheenMisirroo qulqulluu makaa hin qabne kan Sagalichaa in taati! Ameen, ammas ameen!Warri qilleensa irraan nu faana jirtan hubattaniittu jedheen abdadha. Isheenintala Waaqayyoo ishee ulfoofte in taati.

88 Kabaja guddaa dubartiin ta'uu dandeessu argitanii? Wanta guddaawaldaan ta'uu dandeessu argitanii? Garuu xuraa'ummaan eessatti akka isheegeesse argitanii? Yoos waldaa bakkee keessaa sana Waldattii as jirtu kanaan waldorgomsiisuu yaalaa; kana gochuu hin dandeessan. Ejjituu karaa irraa Waldaa Waaqayyo isajiraataatiin wal dorgmsiiftuu; yookiis dubartittii, dubartii ishee sirriidubartii ejjituutiin wal dorgomsiiftuu?

Wantoonni akkasii sun maaliif achitti akkas ta'an? Kana ta'uunseera Waaqayyoo ti waan ta'eefi, seera faallaa ti waan ta'eefi. Dukkannihalkanii hin jiru taanaan, attamitti ifa guyyaatti gammaduu danda'uu

keenyaattamitti beekna? Roobni yoo jiraate malee attamitti waqtii gogaatti gammaduubeekuu dandeenya? Dubartiin xurooftuun utuu hin jiraatin attamitti dubartiiishee dhugaa kabajuu fi itti gammaduu dandeenya?

89 Inni akkuma Sagalee Isaa ifatti baasee mul'isetti, isas ifattibaasee mul'isuu ittuma fufe, tokkoon tokkoon keenya garuu Isa hiiknee kanbiraatti heerumuuf ija jabaanne.

Egaa amma, sababiin tiyooriin lachuu dogoggora ta'eefdhugaadhumatti ifaa dha. Karaa kanaandeemsisuu hin dandeessan; inni du'eera. Karaa sanaan yoo adeemsiftan immoo inni abdii abdachiifame bira derbeerarra'a. Abdiin abdachiifame kunoo ti.Wanti sirriin kunoo as jira. Sagalichi wal hin faallessu. Inni amma itti fufiinsaan jiraachuu qaba, kanabooda Maatewos 28:19 Hojii Ergamootaa 2:38n wal hin faallessu.

Egaa amma, dubaroonni kaan keessan, dhiironni kaanis Isa kanairratti walii gala akka hin jirre nan beeka. Sababiin isaa waan sana ammadhoksuu akka hin dadeenye in beektu waan ta'eef! Dhoksuu hin dandeessan.

Garuu mee waan tokkon isinitti argisiisa. Maatewos 28:19, “Egaadhaqaa, Maqaa Abbaatii fi Ilmaatti, kan Hafuura Qulqulluuttis isaan cuuphuudhaansaba hundumaa barsiisaa” jennaan, isaan immoo irraa galagalanii namootacuuphaman hundumaa faallaa kanaa Maqaa Yesus Kristosin cuuphan; bara MacaafaQulqulluu hundumaa fi waggoottan dhibba sadan bara Macaafa Qulqulluu boodahamma Walga'ii Niiqeyaa (Nicaea Council) tti illee Maqaa Yesus Kristosincuuphan. Wal ga'ii sanaan booda, isaan doogimaa (dogma) bakka kanaa buufatan.Garaagarummaan isaa maali? Ifatti baafa hin mul'ifamu yoo ta'e…

90 Guutmmaan Macaafaa, guutummaan Macaafa Qulqulluu mul'ata akka ta'ebeektuu? Akkaataan isin dhugummaa isa tokkoo fi isa kaan gidduu jiru ittibeekuu qabdanis akkasuma. Sababiin isaa Inni mul'ata, mul'anni immoo dhibbaadhibbatti Sagalichaa wajjin tokko ta'uu qaba! Dubbii Waaqayyootiin kan walfaallessu miti. Ati, “Ba'eessa, inni anatti mul'ifameera” in jetta. Inni DubbiiWaaqayyootiin kan wal faallessu dha taanaan, inni gonkumaa Waaqayyo biraa kandhufe miti. Kun Sirrii dha.

Egaa amma, Maatewos 16:18 yoo fudhachuu barbaaddan, Yesus OfiiIsaatii akka dubbatetti, guutummaa Waldaa, Waldaa Isaa, mul'ata hafuuraa OfiiIsaatii irratti, kana jechuunis Sagalicha irratti akka ijaaruuf jiru dubbate.“Anis sittan hima, akkuma Phexros jechuun dhagaa jechuu ta'e…Kana Abbaa Koo isaWaaqa irra jirutu sitti mul'ise malee, yaadni nama foonii sitti hin mul'ifne.Anis dhagaa kana irratti…”

Egaa amma, firoonni koo warri Kaatolikii, “Inni phexros irrattiijaarame, Phexros ergamaa irratti ijaarame, akkuma kana abaluu fi abaluunis cedhedha wal harkaa fuudhiinsa ergamummaa(apostolic succession) waan qabaniif isaan irratti ijaarame” akka jettan nan beeka.

Warri Protestaantii,“Inni Yesus Kristos irratti ijaarame” jedhan.

Waan adda biraa hin ta'inaa, waan Inni jedhu duwwaa fudhaa. Inni,“Kana Abbaa Koo isa Waaqa irra jirutu sitti mul'ise malee, yaadni nama fooniisitti hin mul'ifane. Dhagaa kana irratti, mul'ina hafuuraa maalummaa Sagalichaairratti, Waldaa Koo nan ijaara; balballi du'aa matumaa Isa raasuu hin danda'u”jedhe.

91 Abeelii fi Qaayinis iddoo dhaabaa Eeden keessa yeroo turanitti, Qaayinulfa ofii isaa ulfaa'e. Inni, “Amma, ilaali. Waaqayyo Waaqayyoo gaarii dha.Inni uumama hundumaa oli, kanaafis ija midhaan hundumaa fi dinnichaa, abaaboohundumaas fudheen iddoo aarsaa (inni waldaa dha) baay'ee miidhagaa ta'e ittiinIsaaf ijaara” jedhe. Inni in jilbeenfate. Inni Waaqayyoon in amane. Inni harkaisaa ol qabee Waaqayyoon in waaqesse, aarsaa kanas in dhi'eesse. Inni akkaseera amantiitti waan Abeel godhe hundumaa godheera.

Abeelis iddoo aarsaa gosuma kan isaatii ijaare. Abeel yummuu kan ofiisaa fidetti garuu, hoolaa dhi'eesse. Egaa amma, Qaayin summii (antidote)cubbbuu sana balleessun hojjechaa jira jedhee yaade, inni akkuma iddoo dhaabaasana keessatti barsiifamaniitti haatii fi abbaan isaanii ija mukaa nyaatanjedhee yaade. Abeel garuu mul'ata Hoodaatiin cubbuu kan fide dhiiga ta'uu isaabare! Mul'ata Hoodaatiin! Macaafni Qulqulluunis Ibroota boqonnaa 12ffaairratti, boqonnaa 11ffaa irratti, “/Abeel amantiidhaa, mul'ataan, aarsaa isakan Qaayin irra caalu Waaqayyoof dhi'eesse; kanaanis inni qajeelaa akka ta'eWaaqayyo dhugaa isaaf ba'e” jedha. Sirrii dhaa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.]Ameen! Obboleessaa, obboleettii, inni anaaf akka malee wal bal'eensa ta'ee naafifeera. Innis immoo waan hundumaa ti.

92 Amma, Gaa'ela dhaabuu fi Wal Hiikuu Gaa'elaa irratti, hubadhaa,inni mul'ifamuutu irra jira. Amma inni mul'ifautti, isa beekuu hin dandeessan. Garuu guyyoota gara dhumaatti, bara ammaakanatti, wantoonni Macaafa Qulqulluu keessatti dhokfaman hunduu akka bakkeettibaafamee mul'ifamu Inni abdachiiseera. Kana nama meeqatu beeka? Mul'ataboqonnaa 10ffaa! Dhoksaan Gaa'ela Dhaabuu fi Wal hiikkaa Gaa'eelaa, wantootnidhakatoon kan biraa hunduu kanneen dhokfamanii turan bara dhumaa kanattibakkeetti baafamanii in mul'ifamu. Egaa amma, Sagalee, “Gara Tuuksan deemi”jedhe sana in yaadattuu? Ifa dinqisiisaa samii keessaa isa gadi bu'eeMallattowwan Torban bane sana in yaadattuu? Wanta ta'e sana

sirriittiakeekkadhaa. Inni Dhugaa dha.

Amma, xiqqoo achi haa fageessinu. Isin garuu dhaga'aa! Yeroo yerooitti deemtanii laqaana nyaattan akka ta'e nan beeka, an garuu akka gaariittannyaachaa jira. [Waldaan, “Ameen” jedhan.]

93 Qalbeeffadhaa, egaa amma, dubartiin iddoo ishee argatteetti,isheen faaya. Solomoon, namni haadha manoota kuma kudhan qaba ture…namni haadhamanoota kuma tokko qaba ture kun namni haadha manaa argate waan gaarii argatejedhee dubbata. “Haati manaa faaya gonfoo isaa ti” jedha, kana jechuun ulfinaisaa ti jechuu dha; isheen qajeeltuu hin ta'in garuu bishaan dhiiga isaakeessaa ti. Innis jireenya isaa ti. Inni, Solomoon, “Dhiira kuma keessaa tariinamni qajeelaan tokko in argama, dubartii kuma keessaa garuu namni qajeelaantokko hin argamtu” jedhe. Kana Solomoontu jedhe, hubadhaa. Egaa amma, kunattamitti akka ta'u qalbeeffadhaa.

Garuu ati yaa dubartii hubadhu, faaya ta'uu yoo barbaadde atifaaya, garuu fedhii kee irratti hundaa'a. Waa'ee gaa'ela dhaabuu fi gaa'eladiiguu irratti Yesus maaliif akka duubaatti deebisee akka quba qabe hubattee? Sababiinisaa, cubbuu hundumaaf sababa kan taate gosa kee turte waan ta'eefi. Haadhamanaa tokkoo ol qabaachuu fi haadha manaa hiikuun akka jalqabuuf sababa kanta'e isa kana dha. Jalqabatti akkas hin turre, biyya isa dhufuuf jiru sanakeessattis matumaa akkas hin ta'u.

94 Mee Yaaqoob isa qomoon Israa'el kudha lamaan (Patriarchs) irraadhufan ilaalaa. Inni yoo xinnaate haadha manaa darzaana tokko qaba ture. Inniobbolaa lama fuudhe, sana biratti immoo saajjatoo (dubartoota seeraqabeessummaadhaan wajjin jiraataa ture) qaba ture. Qomowwan kudha lamaansunneen dubartoota saajjatoo sana irraa kan dhalatan turan. Kun sirrii dhaa? [Amantoonni,“Ameen” jedhan.] Hubadhaa, Sagalicha karaa mucucaataa irra adeemisuu qabdu.

Oo, isaan kana irratti fuulawwan barreefamaa nan qaba. Utuuabbootii amantii (clergyman) keessaa tokko kana irratti gaaffii na gaafatee,silaa walii wajjin in ilaalla turre, silaa waa'ee kanaa in dudubbanna turre.Inni garuu geggeessaa hafuuraa xiqquma ishee qabaannaan, kunoo kan as jiru kunDhugaa akka ta'e in hubata. Waa'ee kanaatiif gaaffiin hin qabaatu.

Dubartii gaariin waan gaarii dha. Isa kana nan beeka. Isa kanadubartoota dhugaatiin qabee nan beeka. Dubaroota dhugaa warra mudaa hin qabne,warra akka dhiira dhugaa kamiitti deemanii wajjin wal argeera.

Isheen lammata kan tolfamtee (byproduct) fi cittuu isaa ti. Yeroo kufaatiitti immoo inni gara isheedhaggeeffate. Inni…Isheen qaama isaa ti. Garuu, dhiima ishee ti; isheen akkaxuraa'uu dandeessutti tolfamte. Mirgi diduus mirgi fudhachuus isheedhaafkennameera. Sun immoo faallaa uumama jalqabaa isa jalqabatti turee ti.Hubattanii? Isin garuu isin achi jirtu.

95 Amma sa'aatiin ja'a ta'eera. Kanaafis daqiiaa muraasaaf waan tokkoasii irra darbuu barbaada. Waan tokko isin gaafachuun barbaada.

Egaa amma, yaadadhaa, kana warra garee koo taatan duwwaadhaananjedha. Isin warri karaa dambalii qilleensaa nu hordofaa jirtan: kana warraduuka buutota koo ta'an duwwaattin dubbachaa jira; Ergaan kun kan isaaniiduwwaa dha.

Wantin asitti dubbachuu jechaa jiru, tajaajilaan kamuu, kanajechuunis namni tiksee hoolotaa ta'e kamuu, waan gochuu barbaade kam illee haagodhu. Sun dhimma isaa fi Waaqayyo gidduu jiru dha. Lubni kamuu, lallabaankamuu, yaa obboleessa koo, sun dhimma kee ti.

As Jefersenviileetii garawarran dubbachuu qabuu duwwaatti dubbachaa jira, sababiin isaa isaan hoolotakoo ti. Isaan hoolota akka na hubataniif, anis immoo akkan isaan to'adhuufHafuurri Qulqulluu naaf kennedha. Inni isa kanaaf itti na gaafata. Namoonniwarri kan kootiis warran guutummaa biyyaa keessaa isaan jijjiiraa ture, warrangara Kristositti isaan geggeessaa ture dha. Isin ijoolleen warri xixinnoo,kanan as jiruuf isin gargaaruuf jedheeni, ani michuu keessanis. Tarii akkawaanan jibba keessan dubbadhuutti yaaduu dandeessu; kana kanan dubbachaa jiruufgaarummaa keessaniifi. An isinan jaalladha. Akkas miti taanaan, Waaqayyo nattiin farada. Akkan isin jaalladhu in beektu.

96 Kun waan jibbisiisaa, waan jabaa wayii ti. Akkamitti akkan baaseedubbadhu hin beeku! Dubartootaa fi dhiirota mana sagadaa koo keessa taa'aajiran warra al lama yookiis al sadii fuudhan, yookiin heeruman yeroon argumaalan godha? Dubaroota gaggaarii fi dhiirota gaggaarii, hunduu wal makeera!Maaltu kana godhe? Barsiisa sobaa ti, dhugaadha, Gooftaa eeguu dadhabuutu kanagodhe.

“Waan Waaqayyo walitti qabsiise, namni gargar hin baasin.” Wantanamni walitti qabsiise miti; wanta “Waaqayyo” walitti qabsiise malee!Kallattiidhaan mul'ata Waaqayyo biraa yeroo argattanitti, isheen haadha manaakeessani, haaluma kanaan, isheen bara jireenya keessaniitti haadha manaakeessani. Hubattanii? Wanta namni walitti qabsiise garuu, namni kamuu walittiigargar baasuu danda'a. Waan Waaqayyo walitti qansiise garuu eenyu illee ittibu'uuf ija hin jabaatin. Inni, “Waan Waaqayyo walitti qabsiise, namni gargarhin baasin” jedhe. Waan abbaan seeraa gar tokkeen isaa machiin of wallaaleyookiis

wanti kan biraan walitti fide, yookiis waan lallabaan duubattimucucaate tokko tuullaa kitaabota seera waldaa keessa jiruutiin, waan biyyalafaa kamuu akka godhaniif isaaniif eeyyemee, Dubbii Waaqayyoo immoo moggaatti dhiisuwalitti fidu miti. Hubattanii? An waa'ee waan Waaqayyo walitti qabsiiseendubbachaa jira.

97 Amma kana isinitti himuufanjedha. Waanan isinittu himu of eeggannoo guddaadhaan isinitti hima. Saba nana,isini mufachiisuufan dubbadha miti. Paasteroota obboloota koo, an isinmufachiisuufan dubbadha miti. Kana jechuu koo miti. Garuu itti gaafatamummaanqaba, kun harkatti akka natti kenname utuman beekuu, akkamitti akkan baaseedubbadhu garuu hin beeku; teeppiin kun attamitti akka…ani hin beeku. Oo, yaaanaa! Amma ittan qophaa'a. Biiroongubbaadhaa banameera, sababii kanaafis inni kunoo dhufeera. Hubattanii?

Inni akkuma isa Sanyii Bofaairratti ta'ee turee ti, innis dhibbaa dhibbatti sirrii ta'uun isaamirkanaa'eera. Waraqaawwan jiran keessaa waraqaa tokko kan dubartiin amma…ofharkaan qaba, namoonni gurguddoon iyyuu-diyaaqonoonni gurguddoon muraasni iyyuusuuraa isa jalqabaa, isa utuu bofti miilla dubartii…utuu lo'uu fi akkataa inniishee irra deemaa jiru mul'isu argataniiru; isheen bofa guddaa isheetti marameejiru sanaan miiraa guddaa takkaa dhiirri isheetti dhageessisee hin beeknekeessa galtee jirti turte. Kun dhibbaa dhibbatti waan dhugaa dha. Inni gadheeirraa gara gadheetti deemuudhaan, gara gadhee baddu baasaatti in deema. Bofti,inni amma hin jirre-inni yeroo bofa turetti fedha foonii ishee wajjin qabaachuuhin danda'u ture. Garuu yaadadhaa…

98 Guyyaa tokko…wajjin wal mormii keessa turre, wal morkii miti,tajaajilaa Assembiliis of Goodii fi itti aanaa paasterii kan ta'e tokko, “Atikana kana irratti dogoggorteetta” naan jedhe.

An immoo, “Ba'eessa,tarii nan dogoggore ta'a. Ati yoo natti himte ittin gammada” jedheen deebiseef.

Inni…jedhe. Sana booda dura bu'ee waa'ee isaa dubbachuu jalqabe.Wanti isnin dursitanii beekuu qabdan, inni jalqabuma irraa kaate. Wanta innijedhe keessaa tokko, “Obboleessa koo Branhaam, sanyiin isaa amma eessa jiru? Waaqayyo,'wanti hunduu sanyii isaa in godhata' jedhe. Sanyiin isaa kan ati inni namaa fibineensa gudduu jiru dha jettu, kan saayinsiidhaan hin mirkanoofne kun ammaeessa jira? Inni essaa jira? Inni amma lafarra jiraa? Inni chimpaanzii turee?”jedhee na gaafate.

“Lakki, sababiin isaa dhiigni chimpaanzii dhiiga dubartii wajjinwal hin fudhatu. Bineensi kan biraan ishee wajjin walitti makamu hin jiru.Lakki, kun hin ta'u. Ispeermiin dhiiraas dhiiga chipmaanzii dhaltuutti hinmakamu. Kun ta'uu hin danda'u.”

“Yoos meerre ree bineensi kun? Amma, Waaqayyo, 'Wanti hunduu akkaqomoo qomoo isaatti dhala haa godhatu' jedheera.”

Daqiiqaa muraasaaf nan callise. Mi'aan Hafuura Qulqulluu keessakoo dhufee, “Itti himi, 'Inni kunoo isa kana' jedhii” naan jedhe.

Amma, jalqabatti,“Ba'eessa, inni tarii sanyiin isaa lafa irraa badeera ta'a” jedheen deebiseef.

Inni immoo, “Garuu,Obboleessa koo Branhaam, nuyi waa'ee Sagalichaa dubbachaa jirra, dubbachaa hinjirruu?” naan jedhe.

Ani immoo, “Eeyyee, obbo” jedheen deebiseef. “Eeyyee, akka isaanjedhanitti bineensonni akka daayinoosarii, maamozii (mammoth) fi kan kanafakkaatan sanyiin isaanii lafa kana irraa dhabamaniiru” jedheen deebiseef. Anitti fufees, “Inni warra dhabaman sana keessaa ta'uu danda'a” jedheen deebisef.

Inni ammas, “Obboleessa koo Branhaam, waa'ee Dubbii Waaqayyoomirkaneessuu haasa'aa jirra. Cubbuun asjira taanaan, cubbamaan jalqabaas akkasuma as jiraachuutu irra jiraata” jedhe.

An immoo, “Gooftaa Yesus, Ati, 'Yummuu fuula namaa durattidhi'aattu, yaada sammuutiin hin dubbatin, sababiin isaa, wanti ati dubbattubattaluma sanatti siif in kennamaa' jetteetta. Yaa Gooftaa, maal jedheendeebisaaf?” nan jedhe. Inni immoo, “Itti himi, 'Inni kunoo ti' jedhii” naanjedhe. Inni isan wal tajjii irratti mul'ataan argee wajjin tokkuma.

An, “Inni kunoo as jira”n jedhe, iddoo isaa utuman hin beekin.

Inni immoo, “Meerre?”naan jedhe.

Utuman yaada kanaaiyyuu hin qabaatin dura Inni, “Inni bofa” jedhe.

99 Innisun dhugaadhumatti wanta inni ture dha, inni guyyaa sana irraajalqabee bineensa ta'uun in hafe waan ta'eef; inni abaaramee guutummaa jireenyaisaatti garaadhaan lafarra akka lo'u taasifame. Inni kunoo as jira! Sirriidhaa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Amma iyyuu akkuma gochaa godhe sanaatti,amma iyyuu cubbuudhuma sana dubartii tokko irratti raawwataa jira, akka gochaasaala dhiiraatti ishee irratti raawwataa jira. Waan dhiirri kam illee gochuudanda'u garasitti waan inni ishee wajjin

raawwataa jiruuf, miira keessa galteehamma lusus (walleyed condition) jechuuttii fi waan biraa ta'uutti geesse.

Waa'ee kana asuma irrattin dhaaba, sababiin isaa, sona namootagaraa garaatu wal maknee as jirra waan ta'eef. Warri dhiiraa, warri ga'eessataatan, wal arginee waa'ee kanaa irratti bal'inaan dudubbachuuf jirra. Waraaqaabaay'ee fi wantoota baay'eetu na dura taa'ee jira, harka koo keessas akkasumawantootni ani ganama kana isiniin ga'uuf yaadee dhufe baay'eetu narkatti hafeejira. Kana irratti guyyaa guutuu itti fudhachuufan ture, amma garuu kanadubbachuudhaan nan xuruma.

Kun kan warra waldaa kootii duwwaadhaaf kanan dubbadhu dha. Waldaakoo miti…hoolota xixinnaayyoo warra na amananii fi warra na duukaa bu'an malee;kana isaanittan dubbadha.

100 Kun kan warra waldaa kootii duwwaadhaaf kanan dubbadhu dha. Waldaakoo miti…hoolota xixinnaayyoo warra na amananii fi warra na duukaa bu'an malee;kana isaanittan dubbadha.

Guyyaa gaaf tokkoo, waan tokko yummuun isinitti dubbadhu, “KANAGOOFTAATU JEDHE” ta'uun isaa dirqama akka ta'e waanan beekuuf, akkuma Inninatti mul'isetti kutaa Macaafaa keessaa nan baafadhe. Garuu, “Yaa WaaqayyoGooftaa, amantoota sanaan maalan jechuu danda'a? Diigamuu isaan gidduuttifiduun danda'a. Dhiironni koriiderii gidduu, bakkee maasii keessa, iddoo kanbiraa hundumaa taa'anii, 'Ishee dhiisuu?' in jedhu, warri dubartootaas, 'Abbaamanaa koo dhiisuu?' in jedhu, isaan, 'Maal gochuutu narra jira?' jechaa jiru”jedheen Isa gaafa dhe. An, “Yaa Gooftaa, maal gochuun danda'a?” jedheen Isagaafadhe.

Wanti ta'e tokkos, “Gar agama tulluu sanaatti ol ba'I, achittissitti Nan dubbadhaa” naan jedhe.

Yeroon gubbaa tullichaa irra turettis, namoonni dachaa TuksaniiIsa argaa jiraachuu isaanii hin beekun ture. Garuu barsiisonni iyyuubarattoota…irraa intala koo ishee xinnoo fi barattoota kaanis daree keessaawaamanii, “Tulluu gamaa sana ilaalaa! Ibidda boba'u kan duumeessa bifakeellootu siqu (amber) fakkaatutu qilleensa keessa ol ba'ee gadi bu'aa, olba'ee gadi bu'aa, ol ba'ee gadi bu'aa jira” ittiin jedhanii turan.

101 Aadee Evaans, as jirtaa? Rooni'ee as jirtaa? An karaa buufataboba'aatiinan deebi'ee gala jiran ture, gurbaan kun immoo iddoo buufata boba'aawaraabbatanii, iddoo buufata boba'aa Evaansi jira ture. Utuun waan gurbaan sundubbachuuf jedhu utuun hin beekin dura, inni miilla kootti bubu'ee, “Obboleessakoo Branhaam, ati tulluu gamaa sanarra turte, hin turree?” naan jedhe.

An immoo, “Rooni'ee, maal jechuu kee ti? Lakki” jedheen deebiseef,hubadhaa, waan inni jechuuf jedhu ilaaluufan akkas jedhe. Wantoonni baay'eenyummuu ta'anitti yeroo baay'ee, an…isin namootatti hin himtan. Innigara…ta'uutti dhufa. Rakkoon isaa, wanti tokko ammaa amma deddeebi'ee yummuuta'utti gara waan amaleeffatamaa (common) ta'ee ta'uutti dhufa. Hubattanii? Annamootatti hin himu. “Rooni'ee, wanti ati…maal ture?” jedheen gaafadhe.

Inni, “Iddoo ati turte amma sitti agarsiisuu nan danda'a” naanjedhe. “Haadha koo waameen as dhaabannee Duumessa gama sanaa olii fi gadideddeebi'u ilaalaa turre. Anis haadha kootiin, 'obboleessi keenya Branhaam gamasana iddoo ta'e tokko taa'aa jiraachuu qaba. Sun isa Waaqayyo isatti dubbataajiru dha'n jedhe” naan jedhe.

Guutummaan namoota magaalattiis Isa ilaalaa turan. Guyyaa saafaabakka duumessi gutumaan guutuutti hin jirretti, Duumessi bifa keellootti siquqabu tokko bife utubaatiin (funnel) gadi dhufee ol deebi'ee in diriire.

102 Firootaa, kana dubbachuu kootiin booda nan xumura, isinis deemuudandeessu. Inni egaa yummuu Kun anatti mul'ifamaa ture dha, yummuu Wantin ammaisinitti himuuf jedhu natti mul'ifame dha; kanaafis Inni isin hin darbin.

Amma duuka buutota keenya duwwaattan dubbadha, warra anaa fi Ergaakana duukaa bu'aa jiran duwwaattan dubbadha; warra ala jiranitti miti. Kanafuula Waaqayyoo duratti dhugaa naaf ba'aa; warri garee kana taatan duwwaan.

Egaa amma, nuyi laaqii kana keessatti kan argamne sababatiyooloojii hiikkaa sirrii hin ta'iniitiifi. Sirrii dhaa? Sababii kanaaf isindubartoonni lammata heerumtu, isin dhiironnis lammata fuutu; sababa hiikkaasirrii hin ta'in tiyooloojiin hiikuuf kana gootani. Amma egaa wanta Inni nattidubbate tokkon isinitti himuuf jedha.

Waaqayyo Uumaan keenya, Yesus Kristos yummuu biyya lafaa kanarrature gaaffii kana gaafatameera erga gaafatamee, rajiin Isaa Museen immoo Sabasana gara biyya abdachiifamaniitti baasuudhaa yeroo Gibxiitti gadi bu'etti,Museen haala sabni sun keessa jiru ilaalee waraqaa ittiin ishee hiiku kenneefjedhee dubbate Yesus. Museen haala isaan keessa jiran hubatee argee, “…gadi haadhiisu” jedhe. Waaqayyo kana akka godhuuf Musee, rajii saba sanatti ergamesana, akka waraqaa ittiin ishee hiiku kenneefii dhiirri

haadha manaa isaabaasuu danda'u akka isaaniif eyyamu taasise.

103 Qarontos Isa Duraa boqonnaa 7ffaa lakkoofsa 12ffaa fi 15ffaairratti immoo, raajiin Kakuu Haaraa, Phaawulos, namni waanuma kana waldaakeessatti argee, “Kana Gooftaa utuu hin ta'in, ani isin nan gorsa” jedhe. Sunsirrii dhaa? Sababa haala wal hiikuu haadha manaa fi abbaa maanaatiif dubbate.

“Jalqabatti akkas hin turre.” Museen garuu sana akka godhaniifisaaniif eyyame, Waaqayyos qajeelummaatti isa lakkaa'e. Phaawulosis yeroowaldaa isaa haala sana keessatti arge, mirga sana gochuu qaba ture.

Egaa amma Kun dhugaa akka ta'e amanaa, Kun Waaqayyo biraa akkadhufe amanaa! Duumessa Isaa fi Ergaa Isaa hanga ammaatti ragaadhaan gara koofideen, Waaqayyo tullicha irratti haala kanaan duraa sanaan akka itti fuftaniifnaaf hin eyyamne, akkaataa amma jirtaniin akka itti fuftaniif naaf hin eyyamne,kanaafis lammata kana hin godhinaa! Dhaqaa, haadha manaa keessanii wajjinnagaan jiraadhaa, yerichi dhi'aateera'oo. Dhufaatiin Gooftaa balbalarraga'eera! Gargar isaan hiikuuf nuyi yeroo hin qabnu! Ija jabina ittiin lammatakana gochuu yaaltan hin qabaatinaa! An amantoota warra kan kootii duwwaattandubbachaa jira. Fuutaniittu, yookiis heerumtaniittu yoo ta'e garuu waa'eeisaatiif Waaqayyo tullicha irratti Kana (mul'ata waaqa irraa sababa banamuuMallattowwan Torbaniitiif kennameef, kunis immoo gaaffin Dubbii Waaqayyookeessatti ka'an waan ta'eef) akkan dubbadhuuf dhuga baatuu godhee isinitti naergeera. Egaa Inni warra kanaan dura akkaataa sanaan fuutanii fi herumtaniin, “Akkumaamma jirtanitti itti fufaa jiraadhaa, si'achi cubbuu hin hojjetinaa!” jedhiiisaanitti dubbadhu naan jedheera.

104 “Jalqabatti akkas hin turre.” Kun sirrii dha. Jaqabatti akkas hinturre, dhumarrattis akkas hin ta'u. Haala ammayyummaa kanaa jalqatti garuu, asgarbicha Waaqayyoo tokkootti...An raajii Isaa ti ofiin hin jedhu, tarii raajiita'uuf hin ergamne yoon ta'es yeroo inni dhufuuf karaa qopheessaafiin jirajedheen amana. Kanaafis haala ammayya'aa ammaa keessatti, haadha manaakeessanii wajjin amma mana keessanitti akka galtan isinan abbooma. Isheetti ingammadda yoo ta'e, ishee wajjin jiraadhu, ijoollee kee soda Waaqayyoo keessattiguddisi; yoomuu waan akkasii lammata yoo goote garuu Waaqayyo sitti haaaraaramu! Ijoolleen kee matumaa waan akkasii akka hin goonetti isaan barsiisi.Sodaa Waaqayyoo keessatti isaan guddisi! Egaa akkuma amma jirtanitti jiraachaa,yeroo galgalooftuu amma keessa jiraachaa jirru kanatti, “Waamicha Yesus Kristosolii isin waamu bira ga'uuf kaadhaa,” achitti wanti hunduu in danda'amaa.

Hamma galgala deebinee wal arginutti, Waaqayyo Gooftaan isin haaeebbisu jechaa, yeroo xiqqoof haa kadhannu.

105 Yaa Waaqayyo Gooftaa, galata Siif laanna. Ulfina Siif laanna. AtiYaahwee guddicha isuma Museef eyyamte dha. Museen, garbichi sun saba isaattimaal hime? Atis yaa Waaqayyo, seera waraqaa ittiin haadha manaa hiikanii isaaflaatte. Akkuma Museen barreessaa Kakuu Moofaa ture, Phawulos, ergamaan guddichiimmoo barreessaa Kakuu Haaraa ture. Museen Seerotaa fi hojii seerotaa (dispensationof laws) barreesse. Raajonni baay'een, dubbiin isaanii Isa keessattidabalameera, garuu Museen garuu Seerota barreesse. Sababii mata jabinaisaaniitiifis, waraqaa ittiin ishee hiikan kennaniifii akka ishee hiikan akkagochuuf, Ati isaaf in eyyamte.

Qulqulluu guddichi Phawulos, barreessaa Kakuu Haaraa ta'uuisaatiin, akkuma kana, labsii (assertion) mataa isaa baase, innis, “Haalotakana keessatti an isin nan gorsa; Gooftaa utuu hin ta'i, ani” jedhe.

106 Yaa Waaqayyo Gooftaa, bara har'aa, guyyaa dhumaa kanattisakkasuma. Akkuma araara Waaqayyoo jalatti as jirru kantti, dhi'ootti fuula Isaaduratti waan deebii akka laannu in beekna. Yaa Gooftaa, ija saba kanaa durattiwaan baay'ee hojjetteetta, Inni akka waan Si biraa dhufeetti fudhatanii akkaIsatti qabamanii jiraatan akka isaan gootu nan amana. Namoonni baay'een kanamma as taa'aa jiran tullicha, iddoo Ergamaan Waaqayyoo qilleensa jabaakeessaan itti dhufe, idddoo Ergamoonni Waaqayyoo torba dhufan, iddoo DhoksawwanTorban itti banamanii mul'ifaman, sana irra Milikkita ture kan argan dhugabaatonni as jiru; Ergamaa isuma sanatu, isuma kallaattii sanaan turte, isumatullicha irra turetu, guyyuma sana Kana ifatti baasee mul'ise!

Yaa Waaqayyo, sabni kun ayyaana Waaqayyo isaaniif kenne kanaafgalataan guutamanii gara mana isaaniitti akka galaniifan Si kadhadha. Aneeyyama qofaanan Isa dubbadha yaa Gooftaa. Yaa Gooftaa, eyyama qofaanan Isadubbadha. Sabni waan kana lammata cubbuu kana gochuuf yaaluu dhiisuu isaatiifgammachuun kan guutame haa ta'u! Garaa isaanii guutuudhaan Si haa jaallatanmalee, cubbuu kam illee akka hin goone isaan taasisi. Yaa Gooftaa, maatiwwankana warra gammadan taasisi, ijoollee isaanii adaba (admonition) Waaqayyookeessatti haa guddisan.

107 Yaa gooftaa, Ergaa laphee koo irra ture isaan biraan ga'eera. Waanangochuu beeku hundumaa godheera. Seexanni torbanoota baay'eef sa'aatii baa''eefhirriba dhabee na loleera. Amma garuu yaa Gooftaa, sabni kun akka Isa qo'achaadeemanii Siif jiraataniif isa abboomeera. Yaa Gooftaa, isaaniif kenni. Inniamma gateettii koo irraa bu'eera. Isaan harka Kee keessa jiru. Akka isaaneebbiftuufan Si kadhadha.

Huccuu dafqaa warra dhukkuubsatanii fi warra miidhama qaamaaqabaniif as kaa'ame kana eebbisi yaa Gooftaa. Adaraa, namoonni dhukkubsatanhunduu akka fayyaniif galgalli kun galgaloota gurguddoo, kanneen humna guddaaqaban keessaa tokko nuuf godhi. Yaa Gooftaa isa kana nuuf raawwadhu. Walumattinu eebbisi.

108 Nagaa, gammachuu fi ililleedhaan akka deemnu nu godhi, sababiinisaa Waaqayyo inni uumama uume laaqii jalqaba irraa kaasee nurrattidheereffamee keessa jiraachaa jirru nuttu mul'isee, guyyaa dhumaa kanattisayyaana Isaa nurratti diriirsuu isaa nutti mul'iseera waan ta'eef. Oo, WaaqayyoGuddaa fi Waaqayyo Bara Baraan jiraattuu, isa kanaaf attamitti Sigalateeffannu! Lammata akka Si hin yakkinetti, lapheen keenya guddaa kangammade haa ta'u. Maqaa Yesusin. Ameen.

Isa nan jaalladha, (maaliif Isa hinjaallattan ree!) Isa nan jaalladha

Inni dursee waan na jaallateef,

Fayyina koos naaf bite

Muka Qaraaniyoo irratti.

Tajjajiltoonni akka hubattaniif ammas kana nan dubbadha. Kun kanwarra Ergaa kana duukaa bu'anii qofa!

Oo, gammaddaniittuu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Wantin dubbadhehunduu waan Dhugaa ta'e, ISA GOOFTAAN JEDHE dha! [“Ameen.”]

Amma akkuma, “Isa nan jaalladha” jennee faarfachaa jirruun, olkaanee harka keenya ol haa qabnu. Ayyaana Isaatiif Isa nan jaalladha. AraaraIsaatiif Isa nan jaalladha. Sagalee Isaatiif Isa nan jaalladha. “DubbiinGooftaas gara raajotaa dhufe!”

Isa nan jaalladha.

Obboleessaa, as kottu. [Obboleessi keenya Branhaam, dhufeesaganticha akka raawwatuuf nama ta'e tokko waame.]

MESSAGE online hub
www.messagehub.info

Kan Lallabame
Williyaam Maariyoon Biraanhaam
"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7